



Guutuu Oromiyaatti qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaaf leenjiin kennamaa jira

Kutaa Qophiitiin

Naannoo Oromiyaatti leenjiin dandeettii raawwachiisummaa qonnaan bultootaafi horsiisee bultootaa cimsu mata dureewwan garaagaraarratti kennamaa jira.

Leenjicha giddugaleessarraa kan jalqabsiisan itti gaafatamaan Waajjira Paartii Badhaadhinaa Damee Oromiyaa Obbo Fiqaaduu Tasammaa,

badhaadhinni akka biyyaatti qabame milkaa'uu kan danda'u qonnaan bulaafi horsiisee bulaan oomishaafi



Obbo Fiqaaduu Tasammaa

fiduun gamatti madda saaxilamummaa keenyaa kan ta'e hiyyummaa mo'achuun imala gara badhaadhinaatti eegalame

oomishummaa guddisuuf tekinoooloojiifi galtee qonnaa fayyadamuun qulqullina, baay'inaafi ariitiin oomishuufi aadaa qusannaafi liqiirratti hubannoo ga'aa argachuun badhaadhina maatii mirkaneessuuf hojjechuu yoo danda'e qofaadha jedhaniiru.

Leenjichi qonnaan bula gidduutti tokkummaa ilaalchaafi gochaa

Gara fuula 14tti

Hojiiwwan karoorsuufi hojiirra oolmaa bajataarratti hirmaannaan ummataa mirkanaa'uu qaba jedhame

Galaanaa Kumarraatiin

Tajaajilawwan ummanni mootummaarraa barbaadu kennuuf hojiilee karoorfamaniifi hojiirra oolmaa bajataarratti sadarkaa hundattuu hirmaannaan ummataa mirkanaa'uu akka qabu Biirtoon Maallaqaa Oromiyaa hubachiise.

Hogganaan Biirichaa Obbo Tolasaa Gaddafaa kana kan hubachiisan qophii karoora bajataa bara 2017 irratti marii wal hubannaa Biiroosaaniitti manneen hojii naannichaa waliin guyyaa dheengaddaa geggeeffamuu jalqaberratti.

Obbo Tolasaan Mootummaan Naannichaa bara bajataa 2016tti qarshii Biliyoona 221 ol ramaduun karoora xiiqii baafatee hojiirra oolchaa akka jiru yaadachiisanii, harcaatiin tokko tokko yoo jiraates, hojiilee hedduun haaluma karoorfamaniin raawwatamaniiru jedhaniiru. Sababoota garaagaraatiin bajataa gulantaa ol baasuufi mata duree irratti qabataniin ala fayyadamuun akka ture eeranii, kanaafis sababoonni amansiisoon jiraatanis,



Obbo Tolasaa Gaddafaa

adeemsi akkasii kaffaltii miindaafi

Gara fuula 14tti

Magaalaa Beddelleetti abbootiin qabeenyaa kaappitaala qar. Bil 2.6 ol galmeessisan hojii investimantiirratti bobba'anii jiru

W.K.Magaalichaatiin

Magaalaa Beddelleetti abbootiin qabeenyaa 125 ta'an kaappitaala qar. Bil 2.6 ol galmeessisan hojiiwwan investimantii garaagaraarratti bobba'anii hojjechaa jiraachuu Waajjirri Investimantiifi Industirii Magaalichaa ibse.

Itti gaafatamtuun Waajjirichaa Investimantiifi Industirii Magaalaa Beddellee Aadde Levilaa

Nuurii, magaalichatti abbootii qabeenyaafi qonnaan bultoota gara investimantiitti ce'aniif haala mijataa uumuun ofiis duroomanii Magaalaasaaniis akka misoomsaniif xiyyeeffannoon hojjechaa jiraachuu himaniiru.

Magaalichatti abbootii qabeenyaa hojiiwwan investimantii adda addaarratti bobba'anii hojjechaa iiran keessaa 24 bara 2016 keessa

kan simatan ta'uus himaniiru.

Abbootii qabeenyaa warshaalee agiroo piroocesiingii, maanuufaakchariingii, warshaa daakuufi makarooniirratti ijaaraniif lafti hektaarii 2.6 dabarfamee kan kenname yommuu ta'u, kanaan hoji dhabeeyyii kuma 5 oliif carraan hojii yeroofi dhaabbiin uumamuu dubbataniiru.



Qabeenyaawwan malaammaltummaan saamaman deebisiifamaafi kaanis adeemsa seeraarra jiraachuun ibsame

Taammanaa Gammadaatiin

Hojiilee tarkaanfii seeraa ji'oota salgan bara bajataa kanatti fudhatamaniin qabeenyaawwan mootummaa akaakuu garaagaraa malaammaltummaan saamamanii turan seeratti dhiyeessuun deebisiisuufi kaanis adeemsaarra jiraachuu Biirtoon Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa beeksise.

Ragaan barreeffamaa Biiricharraa argame akka mul'isutti ji'oota kurnan darban keessa galmeewwan qormaataa 1,638 kan shakkamtoota 4,875 tahan qabatan dhiyaatanii kanneen keessaa galmeewwan 1,521 kan shakkamtoota 4,567 qabanirratti murtiin kennameera.

Galmeeleen himataa 727 kan himatamtoota 1,632 qaban dhiyaachuun manneen murtiin murtiileen barsiisoo kennamaniiru. Galmeewwan murtii argatan 545 kan himatamtoota 1116 qabatan dhiyaachuun manneen murtiin murtiin balleessummaa kennameeraaf.

Maallaqa ykn qabeenyaa mootummaa akkasumas kan Jaarmiyaalee garaagaraa ummataaf utuu hin ooliin hafuun bu'aa yakka malaammaltummaa ta'uu danda'u jedhamanii shakkaman maallaqni callaan Baankii jiru qar.235,462,779, konkolaattonni 24 tilmaamni qarshiisaanii.52,000,000 tahes dhorkamaniiru.

Manneen jireenyaa Gara fuula 14tti

*Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata Gumaata Gumaata
Gumaata*

Gumaata



Hiyyummaafi eegumsa hawaasummaa

Hiyyummaa jechuun hanqina fedhiiwwan bu’uuraa adda addaa namoota mudatan kanneen akka nyaataa, bishaan dhugaatii qulqulluu, eegumsa fayyaa, barnootaafi bakka jireenyaa guuttachuuf galii gahaa dhabuu jechuudha. Hiyyummaan dhimma kallattii hedduu qabuufi dhimmoota dinagdee, hawaasummaafi siyaasaatiin walitti hidhaminsa guddaa qabudha. Fayyaa, barnootaafi qulqullina jireenyaa waliigalaa dabalatee nageenya namoota dhuunfaarratti dhiibbaa guddaa geessisuu danda’a.

Yaadrimeen hiyyummaa fedhiiwwan bu’uuraa guuttachuu dhabuu bira darbee yaada guddinaa dhabuu, of gahomsuu dhabuu, ofirratti of aangessuu dhabuu, ogummaa, hubannaa, ilaalcha adda addaatiin dangeeffamuufi ilaalcha jijjiiramaaf fedhii dhabuu, yaada hojii dinagdee ykn dandeettii ofii ukkaamsanii taa’uu, kufaatii sodaachuufi qaawwa barnootaa (yaadota haaraa qeequuf daangeffamuu, rakkoo furuuf dangeffamuu ykn fedhii beekumsa horachuu dhiisuu), hawwiifi mul’ata fuulduraa dhabuu kan hammatudha. Keessumaa ilaalchi hawaasni kufaatiiirratti qabu yaaliifi kalaqa bira darbanii akka hin hojjenneef abdii kutachiisuu danda’a. Hiyyummaan akkasii kun hiyyummaa hin mul’anne ta’ee, dinagdee nama dhuunfaa tokko fooyyessuus xiqqeessuus ni danda’a. Walumaagalatti hiyyummaa guddaan hiyyummaa yaadaafi yaada guddinaa dhabuudha.

Sababoonni hiyyummaa: dhimmoota dinagdee (Enomic factors), dhimmoota hawaasummaafi siyaasaa, dhimmoota haala naannoorraa kan maddanidha. Dhimmoonni dinagdeen wal qabatanii hiyyummaaf karaa banan: hojii dhabdummaa, hojii gadi aanaa, kufaatii dinagdee, miindaa gadi aanaafi kkf hammata.

Dhimmoonni dinagdee kun hiyyummaa babal’isuufi xiqqeessuu keessatti gahee olaanaa qabu. Dhimmoonni kunniin hamma hiyyummaa ummata tokko keessa jiruu ibsuufi tarkaanfiiwwan hiyyummaa xiqqeessuuf fudhatamuu qabu murteessuu danda’u.

Sababoota hiyyummaa keessaa kan biraa dhimmoota hawaasummaa yoo ta’an, isaanis: loogii, barnoota, eegumsa fayyaafi tajaajila hawaasummaa argachuu dhabuu of keessatti kan hammatudha. Rakkoon bulchiinsa gaarii, malaammaltummaafi walqixxummaan dhibuu akkasumas dhimmoota siyaasaan yeroo ibsaman, balaan uumamaa jijjiiramni qilleensaa, kunuunsi qabeenya uumamaa hanga yaadamee dhibuun immoo qabxiilee naannoon ibsamu.

Dhiibbaa hiyyummaa

Hiyyummaan fayyaa, barnoota, haala jireenyaa, dinagdeefi kkf irratti dhiibbaa fiduu danda’a. Dhiibbaa hiyyummaatiin rakkoolee dhufuu danda’an keessaa muraasni:-dhukkubniifi duuti baay’achuu, hanqina nyaataa, jeequmsa ykn dhiphina sammuu, barnoota qulqullina qabu argachuu dhabuu, barnoota addaan kutuu, mana jireenyaa gahaa ta’e dhabuu, bishaan qulqulluu dhabuu, qulqullinni naannoo dhibuu, oomishtummaan hir’achuu, guddinni dinagdee quucaruufi kanneen fakkaatanidha.

Hiyyummaarraa gara badhaadhinaatti ce’uu

Hiyyummaa keessaa bahuun ni danda’ama. Hiyyummaa seenaa gochuun gara badhaadhinaatti ce’uun yeroof ulfaataa fakkaatuuyyuu; hojjennaan keessaa bahuun ni danda’ama. Akka addunyaatti hiyyummaa hambisuun kan hin danda’amne ta’us, tooftaa walitti makamuu namoota dhuunfaafi hawaasaatiin badhaadhina dinagdee uumuun ni danda’ama. Jijjiirama kana fiduuf tooftaalee ykn tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban: misooma dinagdeefi carraa hojii uumuu, eegumsa hawaasummaa, barnootaafi guddina ogummaa, fayyaafi nageenyaaf dursa kennuu, kunuunsa naannoo, hiyyummaa yaadaa keessaa bahuu, yaada guddinaa qabaachuu, hawaasa humneessuu, bulchiinsa gaariifi dandeettii hiyyummaa xiqqeessanii badhaadhina fiduu danda’anirratti xiyyeeffachuun jijjiirama dhugaaf hojjechuudha.

Hiyyummaa hundeen buqqisuuf tooftaalee hundagaleessaafi hunda hammataa hojjiirra oolchuudhaan namoonni dhuunfaafi hawaasni badhaadhina dinagdee itti fufinsa qabu argachuu akka danda’an taasisuun ni danda’ama. Tooftaalee hiyyummaarraa gara badhaadhummaatti dhufuun danda’amu keessaa tokko yaada eegumsa hawaasummaati.

Eegumsa hawaasummaa

Eegumsi hawaasummaa imaammataafi sagantaalee adda addaa kan namoota dhuunfaafi maatii rakkatan hunda eeguuf, deggeruuf, hiyyummaa hir’isuufi fayyaa hawaasummaa guddisuuf qophaa’aan of keessatti qabata. Eegumsa hawaasummaa jechuun hawaasni akkaataa naannoo naannoosaatiin waliigaluun rakkoo garaagaraarraa wal eguu jechuudha. Ummanni Oromoo akka duudhaafi aadaasaa ganamaatti yaada eegumsa hawaasummaa kana itti fayyadamaa tureera. Hawaasni yaada eegumsa hawaasummaatti fayyadamuun hiyyuummaarraa wal eguu ni danda’u. Namoonni baay’een madda galii dhabanii rakkatu osoo hin taane yaada dhabaniitu rakkatu. Oromoon duudhaafi aadaasaa ganamaa keessatti sirna walgargaaruu, wal gorsuu, waliif dirmachuu, rakkataa deggeruu, waliin hojjechuu (daadoofi daboo) kan kufe kaasuu, kan beela’e nyaachisuu, kan dheebote dheebuu baasuu, walgaafachuu, wal iyyafachuufi kkf ni qaba. Yaadni eegumsa hawaasummaas aadaafi duudhaa Oromoo kana kan deggerudha. Eegumsi hawaasummaa tarkaanfiiwwan akka gargaarsa hawaasummaa, inshuraansii hawaasummaafi hojii babal’isuufi sadarkaa hojii guddisuu of keessatti qabata. Eegumsi hawaasummaa nageenya buusuufi tiksuu, balaaf saaxilamummaa namoota dhuunfaafi maatii mudatan salphisuu kan akeeku yoo ta’u, keessumaa yeroo rakkina dinagdee, hoji dhabdummaa, balaa tasaa, dhukkuba, miidhama qaamaa ykn dullummaafi kanneen biroo walirraa qolachuuf kan gargaarudha.

Kaayyoowwan eegumsa hawaasummaa inni jalqabaa hiyyummaa hir’isuu, walqixxummaa gama hundaa fiduu, hammatamuu hawaasummaa guddisuu, misooma kaappitaala namaa guddisuufi hawaasni tajaajilaafi carraawwan barbaachisoo ta’an akka argatan gochuudha. Akkasumas sababoota hiyyummaa kan ta’an furuun oomishtummaa

gama hundaan dabaluuudhaan namoonni dhuunfaafi hawaasni jireenya qananii akka jiraatan dandeessisuu ni danda’a.

Barbaachisummaan eegumsa hawaasummaa hiyyummaa hir’isuu, hawaasaafi misooma itti fufinsa qabu walitti hidhuu, rakkoo battala mudatan salphisuu, namoonni dhuunfaa barnootaafi fayyaarratti investii akka godhan akeekuu, dandamachuu dinagdee guddisuu akkasumas hiyyummaa dhalootarraa dhalootatti darbu hir’isuudhaan jireenya egeree dhalootaa ni mirkaneessa. Sirna eegumsa hawaasummaa fayyadamuun bu’aqabeessa nama taasisuurra darbee, hawaasa tasgabbeessuu, walqixxummaa uumuu, guddina hunda hammate fiduu danda’a.

Hiyyummaa furuuf tarkaanfiiwwan eegumsa hawaasummaa bal’aa hojiirra oolchuun barbaachisaadha. Hojiirra oolmmaa eegumsa hawaasummaa keessatti dhaabbilee mootummaafi miti mootummaa, dhaabbilee idiladdunyaafi qooda fudhattoota biroo hirmaachisuun bu’aqabeessummaasaa ni ariifachisa.

Hiyyummaan yaada guddinaa dhabuu, hiyyummaa waliigalaa keessatti wantoota baay’ee murteessoo ta’aniifi guddina dhuunfaafi hawaasaa gufachiisanidha. Hiyyummaan yaadaafi yaada guddinaa dhabuu furuun dhimma murteessaadha. Hundee hiyyummaa furuun tooftaalee hundagaleessaafi hunda hammate hojiirra oolchuudhaan namoonni dhuunfaafi hawaasni badhaadhina dinagdee itti fufinsa qabu argachuu akka danda’u godha.

Hiyyummaa keessaa ba’uuf mul’ata qabachuun, ilaalcha keenya hunderraa jijjiiruun hojii isa jalqabaa ta’uusaa dagachuun nurra hin jiraatu. Of jijjiiruuf hojjechuuniifi of murteessuun furtuu guddina keenya of harkaa qabnu ta’ee osoo jiruu, garuu guddina keenyatti gufuu ta’ee jira. Hojjennaan waanti hin danda’amne tokkollee hin jiru. Hin hojjennu taanaan waanti itti milkooofnu tokkollee hin jiru.


Hojii tokko hojjechuuf aangoo murteessuu qabaachuu qabna. Waan tokko murteessuu dadhabuun, hojii hojjechuu dandeenyu tokko osoo hin hojjetiin hafna jechuudha. Murteessuun yeroo wajjiin deema. Yeroon teessee nama hin eegdu. Yeroo hojjetamuu qabu keessatti hojii kamiyyuu yoo hojjette lafa mul’ata kee ni geessa.

Kanaafuu hiyyummaa keessaa ba’uuf eegumsa hawaasummaa fayyadamuu, yaada hiyyummaa keessaa bahuu, ofirraatti hojjeechuu, aangoo murteessuu qabaachuu, yeroo nuu kenname keessatti hojjechuu, kufaatii sodaachuu dhiisuu, ilaalcha adda addaatiin of daangessuu dhiisuufi ilaalcha jijjiiramaaf fedhii qabaachuun murteessaadha.

Dhaloota dammaqsuun mul’ataafi kaayyoo gonfachiisuun hiyyummaarraa gara badhaadhinaatti ce’uun ni danda’ama. Dammaqsuun ammoo of ta’uurraa eegala.

*Komiishiinii Karooraafi Misoomaa Oromiyaatti
Daarektoreetii Qorannoo Imaammata
Misoomaarraa*

Wabii nyaataa mirkaneessuun humna al-ergii keenya guddisuuf xiiqiin hojjenna!



Kallacha Oromiyaa

Bara 1986 hundeeffame
Torbanitti al tokko guyyaa Kamisaa,
Biiroo Kominikeeshiinii Oromiyaatiin maxxanfama

Qindeessaafi Gulaalaa Muummee
Addunyaa Hayiluu
Itti aanaa Gulaalaa Muummee
Masarat Amanaa

Leyi’aawutiifi Dizaayinii
Yewubnesh Kabbadaa

Qopheessaa Beeksisaa
Guddataa Dhaabasaa

Lakk. Saan. Pos. 8741 E-mail kellechaoromiya@gmail.com Websaayitii :- www.kallachaoromiya.org Face Book:kellecha Oromiya Finfinnee Oromiyaa

Dubbii Ijoo

Mariin biyyaalessaa dhimmoota murteessoo biyyaarratti waliigalteefi wal amantaa ummatoota biyyattii cimsuuf murteessaadha

Biyyi keenya biyya birmadummaa ishee eeggattee turuufi muuxannoo sirna bulchinsaa yeroo dheeraa qabaachuun beekamtu taatus rakkoowwan siyaasaa gangalataafi kuufamaa har’a ga’aniin mallattoo walitti bu’insaa,walwaraansaafi hiyyummaa taatee jirti. Kunimmoo waliigalteefi wal amantaan saba sablammoota gidduu ture laafaa waanta’eefi.

Keessattu dhimmi seenessoota adda addaa sabaafi sabalammoota gidduutti walshakkiifi waljibbinsi akka uumamuufi babal’atu taasisan turan maqsuu,gaaffiin bara dheeraa ture akka deebi’u, kuufamni rakkoo gangalatee as gahe akka furmaata argatuuf mariachi shoora guddaa qaba.

Gama biraan aadaan rakkoo mariifi marabbaa, ilaaf-ilaameen furuu waan hindagaagneef dhimmoota biyyoolessaa murteessoorratti ilaalchi waloon uumamuu hin dandeenye.

Ce’umsoonni siyaasaa yeroo garaa garaatti uumamaa turanis rakkoowwan siyaasaa biyya keenyaa hundeerree furuurra beellamaan tursuun walxaxaa akka ta’aniif gumaacha taasisaniiru. Kunis, ilaalchonni fiixee fi siyaasni humnaa aadaa siyaasaa biyya keenyaa akka ta’uuf gumaacheera.

Itoophiyaan rakkoo akkanaa qabaachuun biyya jalqabaa ta’uu baattus biyyoonni rakkoo walfakkaataa qaban hedduun maloota garaa garaa fayyadamuun rakkoo siyaasaasaanii furachuu danda’aniiru, ce’umsa siyaasaa isaanii milkeessaniiru. Ijaarsaa biyyaa xumuruun waliigaltee biyyoolessaa uumaniiru. Adeemsi siyaasaa biyyoonni hedduun dhibdeewwan siyaasaa isaanii ittiin furatan keessaa tokko Marii biyyoolessaati.

Mariin biyyoolessaa riqicha gareewwan jidduutti walhubannaa uumuun walitti bu’insaafi dhiphina siyaasaa sababa walhubannaa dhabuutiin uumaman hir’isuuf gargaarudha. Mariin biyyoolessaa adeemsa siyaasaa mariifi ilaaf ilaameen walitti bu’insa furuun ce’umsa siyaasaa milkeessudha. Kunis, marii hirmaachisaa, ifaafi bilisa taasisuun dhimmoota gurguddoo akka seenaa, mallattoo biyyoolessaafi adeemsa siyaasaarratti ilaalchi waloon akka uumamu taasisa.

Mariin biyyoolessaa dirree siyaasaa namoota siyaasaa muraasaan dhuunfatame bal’isuun kutaaleen hawaasaa hundi dhimma biyyaasaanii irratti akka mari’atan taasisuun madda waldhabbii hir’isuun walhubannaan akka uumamu taasisa. Waltajjii aadaan marii itti shaakalamuufi siyaasni humnaa dorgommii yaadaan itti bakka bu’amudha.

Mariin biyyoolessaa biyya akka keenyaa garaagarummaan uumamaa akka madda rakkootti ilaalamu, rakkoo siyaasaa barootaaf gangalataa dhufe qabdu, ijaarsi biyyaa hin xumuramnee akkasumas ilaalchi fiixee,‘dhugaanis, miidhamnis kan kootu caalaan’ aadaa siyaasaa ta’e; walumaagalatti ilaalchi biyyoolessaa hin uumamne keessatti baay’ee murteessaadha.

Mariin biyyoolessaa kutaaleen hawaasaa garaagaraa jalaa hanga irraatti jiran kan hirmaachisu yoo ta’u aadaan rakkoo ilaaf-ilaameefi mariin hiikuu akka dagaagu taasisa. Seenessa “ana qofaatu miidhamaadha” jedhu keessaa baanee kophee walii keessa dhaabbachuun madaa walii akka hubannu nu dandeessisa. Ce’umsi siyaasaa eegalame akka kaleessaa rakkoo kan beellamu osoo hin taanee hundeerree furuun ilaalcha waloo akka qabaannu taasisa.

Haaluma kanaan, biyya keenyatti Komishiniin Araaraafi Marii Biyyoolessaa hundaa’uun hojjechaa kan jiru yoo ta’u MNO’s tumsa barbaachisu taasisaa jira. Haata’u malee, mariin biyyoolessaa akkuma ce’umsa siyaasaa biyya keenyaa milkeessuuf carraa bal’aa uuma.

Waan ta’eef, uummanni keenya qophii barbaachisu taasisuun bal’inaan akka hirmaatu, gaaffiiwwansaa karaa qindaa’een akka dhiyeeffatu, akkuma kaleessaa ijaarsa biyyaa keessatti qooda isaa adda durummaa akka ba’atu, carraafi sodaa jiru adda baasuun hubannaa uumuurratti gaheen hayyootaa murteessaadha.



Magaalichatti bakki balfi dhangala’aan itti dhabamsiifamu qarshii mil. 630’n hojjetamuu eegale

W.K.Magaalichaatiin

Bulchiinsa Magaalaa Jimmaatti bakki balfi dhangala’aan itti dhabamsiifamu qarshii miliyoona 630’n hojjetamuu eegaluusaa Bulchiinsi Magaalichaa hime.

Kantiibaan Bulchiinsa Magaalaa Jimmaa Obbo Xahaa Qamar, piroojektiin kun gaaffii qulqullinaa hawaasni magaalichaa yeroo dheeraaf gaafachaa ture kan deebisuufi sagantaa Ministirri Muummee Dr. Abiyyi Ahimad hojiirra oolchaa jiran magaalaa qulqulluufi mijataa uumuu kan dhugoomsu ta’uu dubbataniiru.

Piroojeiktichi dargaggoota 35’f carraa hojii dhaabbii dargaggoota 200’f ammo kan yeroo kan uumu ta’uu eeranii, karaa qulqullinasaa eeggateen yeroo jedhametti xumuramee tajaajila barbaadamuuf akka oolu xiyyeeffannoon ni hojjenna jedhaniiru.

Miseensi Mana Maree Bakka Bu’oota Ummataafi Gorsaa Olaanaan Biiroo Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa Obbo Saahiluu Dirribsaa gamasaaniitiin Magaalaa Jimmaatti piroojektiin qaama Piroojektii magaalaa qulqulluufi mijataa uumuun dhalootaaf dabarsuuti jedhan. Piroojeiktichi haala Magaalaa Jimmaa madaaluun ariitiifi qulqullinaan hojjetamee tajaajila ummataaf akka ooluuf kan hojjetu ta’uu himaniiru.

Beeksisa

Arsii

Obbo Jamaal Gammachuu Bobbaa Magaalaa Asallaa ganda 11 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 9157/74/91 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Tawaabech Yilmaa Adinoo Magaalaa Asallaa ganda 12 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 15059/55/99 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Asraat Nagaasaa kuusaan isaanii mana Galmee keessaa jiru Lakk. Galmee -- Lakk. Kaartaa isaa 9909 ta’e Magaalaa Shaashamannee ganda Awaashoo keessatti bali’inni iddoo 200M² irratti argamu tajaajila iddoo mana jireenyaa kan ta’e sadarkaa iddoo 1ffaa Lakk. iddoo 011/01 Dheerina Gamoo G+ kan ta’e kuusaan isaanii mana galmee keessaa waan jalaa badeef kuusaan kan biraa banameef tajaajila barbaadan akka kennamuuf gaafataniiru.Kanaafuu, beeksifni kun bahee guyyaa 20 qilleensa irra edda oolee booda mormiin yoo hin jiraanne kuusaa yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaashamannee.

Obbo Gannaa Burqaa Lakk. Kaartaa isaa 4070/504/96 ta’een maqaa Obbo Dureessaa Abaasiitiin galmaa’ee naaf’kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dheeraa.

Obbo Abdulqaadir Abdoo Alakaa Magaalaa Dodolaa ganda Madda Waabee Ollaa 10^{ffaa} keessatti waraqaa ragaa abbaa qabiyyee Lakk. kaartaa Dhoo1134/1177/A-1742 kan ta’een galmaa’ee tajaajila mana jireenyaatiif kennameef waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana argae ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kana bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Dodolaa.

Obbo Tamaam Abdulqaadiriif Bakka jirtanitti

Himattuu Aadde Jamiilaa Abdurroofi himatamaa isin jidduu falmii nikaha buusuu jiru ilaalchisee mana murtiitti himatamuu keessan beektanii beellama guyyaa gaafa 06/10/2016 Sa’aatii 3:30irratti akka dhiyaattan Manni Murtii ajajeera. Mana Murtii Ol’aanaa Godina Arsii Lixaatti Mana Murtii Aanaa Adaabbaa

Obbo Kafanii Waaqjiraa Waaree Magaalaa Asallaa ganda 04 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 19163/50/2007 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 21 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Aadde Asaggadach Xaafaa Magaalaa Asallaa ganda 14 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 12105/97/97 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 21 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Obbo Shimallis Baqqalaa Magaalaa Asallaa ganda 12 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 10755/77/97 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa.

Wagaayyoo Fissahaa Magaalaa Asallaa ganda 12 keessatti iddoo mana jireenyaa mirkinaa’eefii qaban waraqaan ragaa abbaa qabeenyummaa Lakk. Kaartaa isaa 11972/174/97 ta’een galmaa’ee naaf kenname waan najalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuudhaan nu gaafataniiru. Kanaafuu,namni ragaa kana arge ykn sababa aadda addaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa abbaa qabiyyee kan biraa kan kennamuuf ta’uuni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Asallaa

Baale

Aadde Najaat Sa’iid-Huseen fi N-5 Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 10936/2015 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Roobee Ganda Baha Biiftuu keessatti galmaa’ee argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin ta’e kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Aadde Najaat Sa’iid-Huseen fi N-5 Waraqaa Ragaa Abbaa Qabeenyummaa mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 816/1994 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Roobee Ganda Baha Biiftuu keessatti galmaa’ee argamu waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin ta’e kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee

Obbo Maliihaa Muhaammad Huseen Lakk. Kaartaa isaa 9650/2007, M-3775/07 kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Roobee Ganda Caffee Doonsaa keessatti galmaa’ee argamu hafteen isaa mana galmee keessaa yoroodhaaf waan dhabameef galmeen yeroo banameef tajaajila barbaadan akka argatan gaafataniiru. Kanaafuu namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaatiin Galmee yeroo banneef tajaajila barbaadan kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Roobee

Obbo Abdulqaadir Mahaammad Turkee waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa (saayit plaanii) Lakk.Kaartaa isaa 9613/07 kan ta’e maqaa isaaniin Magaalaa Roobee Ganda Caffee Doonsaa keessatti galmaa’ee argamu mana galmee keessaa waan dhabameef ragaa kana namni arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun Gaazexaan bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Roobeetti akka beeksifan, yoo hin dhiyaatin ragaa kan biraa bakka buufnee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Roobee.

Iyyataan Obbo Sintaayyoo Wagaayyoo mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 350M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu H/Mahaammad Bayyanaatti waan gurguratanii kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa


Iyyataan Obbo Seeyifuu Yuusuuf mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Obbo Jamaal Huseenitti waan gurguratanii kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Iyyataan Obbo Indiriis Hasan mana jireenyaa Magaalaa Maliyyuu Burqaa ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 250M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Aadde Almaaz Warquutti waan gurguratanii kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Maliyyuu Burqaa

Iyyataan Obbo Mahaammad Huseen Abdulqaadir mana jireenyaa Magaalaa Gooroo ganda 01keessatti bali’inni lafaa isaa 200M² irratti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu Masarat Birihaanuutti waan gurguratanii kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee bultii 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kana kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Gooroo.

Aadde Abarraash Urgaayaa Badhaadhaa mana jireenyaa magaalaa Alii ganda 01 keessaa qaban lakk. kaartaa 321/2013, bal’innisaa M² 500 ta’e qabanirraa M² 133fi akkasumas M² 267 akkuma jirutti walumaagalatti M² 400 Obbo Abduljaliil H/Idirii Alootti gurguranii jijjiirraan maqaa akka raawwatamuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa ni raawwatamaaf. W/Lafaa/ M/Alii

Qabeenya uumamaa itti fufiinsaan kunuunsuun, dinagdee magariisaa jijjiirama qilleensaa damdamatu ijaarra!



Aadaa fuudhaafi heerumaa Booranatti

Boorana biratti akkuma wanni cufti (hundi) aadaa mataa ofii qabdu fuudhilleen (halkuma) aadaa ofii qaba. Booranni durirraa kaasee hanga ammaatti aadaa fuudhaafi heerumaa kan seeraafi safuurratti hundaa’ee qaba. Akkuma argan wal fuudhuun Boorana keessa hin jirtu. Ilmi dhiiraa kan fuudhu tokko eessuma ofii qaba. Akka aadaa Booranaatti Sabboofi Sabboon wal hin fuudhu, Goonaafi Goonaanis wal hin fuudhu. Sabboofi Goonaatu wal fuudha jechuudha. Aadaa kana namni cabse Boorana biratti Araamuu Kobuu jedhama.

Araamuu Kobuun yoo waraanaallee of jalaa dhoowwan, yoo ardaa ykn Gooroo godaananillee of jalaa dhoowwan, barcuma namaa gubbaa hin teettu. Barcuma isaallee irra hin taa’an. Aadaan fuudhaafi heerumaa Oromoo Booranaa kan duraan beekamu Buttaa, Awadiifi Kadhaadha.

- Buttaa: Buttaan kan osoo intalaaf gaaffii jaalalaa hin dhiyeessiniif humnaan butanii deemaniidha. Buttaan mirga dubartootaa waan sarbuuf Gumiin Gaayoo gaaddisa teessee mari’achuun aadaa duubatti hafaadha jedhee labseera. Kanaaf yeroo ammaa Buttaan Boorana keessatti guutumaa guututti hafeera. Gosoota fuudhaafi heerumaa Boorana biratti filatamaafi kabaja guddaa qaban Awadiifi Kadhaadha.
- Awadii: Awadii jechuun fuudha adoo(osoo) maatiin intalaa quba hinqabaanne intala fuudhuu fedhan sun awadatani ykn gaaffii jalalaa dhiyeessaniifi yoo waliigalan kan fuudhaniidha.
- Kadhaa: Gosa fuudhaa keessaa kan lammaffaa Kadhaa yoo ta’u, innis kan maatiin mucaa intala ilma isaanitiif fuudhuuf barbaadan takka maatii ishii bira dhaqanii intala isaanii akka fuudhuu barbaadan itti himuun warra intalaa waliin wal mari’achuun fuudhaniidha. Sirni Kadhaa kunis guyyaa tokko qofaan waan raawwatamu miti.

Kadhaa guyyaa jalqabaa: Kadhaa guyyaa jalqabaa kana abbaan mucaa intala warra garaa beekanii mucaa ofiitii fuudhu ilaalee akka kadhatsuuf itti hima. Mucaanis yoo

intala ilaalee jaalate abbaa ykn maatii isaatti himuun intala daraaraa kennata. Guyyaan kun guyyaa Daraaraa Firreessaa jedhama. Daraaraa kennan kana yoo mucaan abbaa qabaate abbaan mucaa bunaafi tamboo qabatee warra intalaa dhaqee daraaraa kenna.

Kadhaa guyyaa lammaffaa: Mucaan intala fuudhuuf barbaade sanaaf erga daraaraa kennatee booda guyyaa qabatee ammallee kadhaa guyyaa lammaffaa dhufa. Guyyaan kun akka guyyaa jalqabaa osoo hintaane guyyaa bunaafi tamboollee hanga guyyaa jalqabaa caalaa guddisanii fidaniidha. Guyyaa kana warri intalaa ollaa, firaafi fiixaa ofii waamanii intala tiyya ilmi ebeluu kadhatee kootta jedhanii itti himuun ollaa gurra buusa. Abbaan intalaa warra mucaa yoo maache (jaalate) waan warri mucaa fide irraa fuudhee ollaa waliin soorata. Abbaan mucaa sagantaa kana eega xumureen booda nagaan ruufa irra guutee ollaa ofiitti gala.

Kadhaa guyyaa sadaffaa: Guyyaa kana Abbaan mucaa dhufee “Soddaawwan intala teessan kadhachuun dhufee na kadhachiisaa” jedhaan. Yeroo kana abbaan intalaa yoo kennuufi barbaade “walgaafanna ykn yoo waaqni sii kenne sii kennina” jedha. Guyyaan kun guyyaa Yaayyaa sadeenii ykn Guyyaa sadeen sunsuma guutatte jedhama. Warri intalaa yoo hamaa warra gurbaa intala kadhata irraa qabaate immoo hamaa akkanaa sirraa qabnaa intala keenya sii kennuu hin dandeenyu jedhaan. Warri gurbaa immoo yakka kana yoo fudhatte “Ani Dhaltii-Rimeessa” jedha. Dhaltii-Rimeessii horii qeencati. Warri intalaa kun kanarra dabree yoo intala si dhoowwate ni dhoowwata. Yookaan immoo si kadhachiisa.

Kadhaa guyyaa afraffaa: Seera kadhaa keessatti guyyaan Afreessoon guyyaa mucaan intala kadhata warra intalaa dhufu ta’a. Guyyaan kun guyyaa Buna Seennaati. Guyyaa kana ayyaana laallatu. Kanaaf Booranni “Dubartiin Ayyaana hinqabdu, ayyaanni ishii guyyaa buna seennaatiifi guyyaa fuudhaati” jedha.

Mucaan gaafa warra intalaa dhufu mucaa lubaa ykn kan intala inni kadhatsuufillee homaa hin taane

tokko waliin dhufa. Abbaanillee akkasuma jaarrolee gosaa waliin dhufa. Guyyaa kana warri hundi uffata aadaatiin faayamanii waraana (Eeboo) harkatti qabatanii warra soddaa kana dhufu. Warri soddaallee waan cufaa ofirratti quba waanqabuuf warra mucaa kurfaa’ee (qophaa’ee) eega. Warri mucaa kunis qa’ee oolee laanumaa (suutuma) warra ofitii ka’ee surree Addeessaa, Eeboo dhedheeressaa dhufuun galgala galchuma keessa karra warra intalaatiin ol seena. Intalli tan Afaan Gubaalaa, tan Irga booraa, Alaqaan akka Dabboo dubraa tun yoo warri dhufu garaan ishii bishaan naqate. Amma mucaafi warri mucaa dhufee karraan seenee warra intalaa nagaa fuudhee, Eeboo mikikkila mirgaatti hirkifachuun ol seenu. Amma mucaan intala kadhatallee akka dansaa ofqopheessa. Eega dhufaniin booda gara intala kadhachuutti seenan. Jalqaba irratti mucaan abbaa intala naa kenni, Aayya intala naa kenni, Soddoowwan intala naa kennaa jedha. Yeroo sadi walgula (walitti aansee) warra cufaan jedha. Abbaa, haadhaafi Soddaawwan immoo “Arritii dhageettii” jedhanii deebisaniif. Mucaan ykn gurbaan intala kadhata waliin dhufellee Abba intala nuu kenni, Aayya intala nuu kenni, Soddaawwan intala nuu kennaa jedhaan. Akkuma mucaa intala kadhateef deebisanitti mucaa kanaanis “Arritii dhageetti” jedhuun.

Erga waan kana cufaa xumurataniin duuba intala tana kennuufi. Hanga ati buna seennaa kana kennitutti intala tana Irbii si jalaa fuudhuu ni danda’a. Irba jechuun nama haati warraa jalaa fagaatte (duute) jechuudha. Garuu nama haati warraa jalaa duuteen alatti namni dhibiin (biraa) si jalaa fuudhuu hindanda’u. Guyyaa kana erga obbaafataniin duuba guyyaa fuudha naa tolchaa (qabaa) gaafatu.

Guyyaa fuudha naa tolchaa: Guyyaa kana abbaan mucaa dhufee warra intalaa waliin wal mari’atee ayyaana laallatanii fuudha guyyaa qabatanii gargar galan.

Itti fufa

Wajjira Kominikeeshinii Magaalaa Yaaballoorraa Abduuba Wajjii kan nuuf erge.

Hamziyaa Ammee mana jireenyaa magaalaa Diinshioo ganda 01 keessatti argamu bal’innisaa M² 200 ta’e nan gurguradha jedhaniiru. Kam mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/M/Diinshoo

Gishee Dammoo Kamsii mana jireenyaa magaalaa Diinshioo ganda 01 keessatti argamu bal’innisaa M² 200 ta’e nan gurguradha jedhaniiru. Kam mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/M/Diinshoo

Jeelaan Aloo mana jireenyaa magaalaa Diinshioo ganda 01 keessatti argamu bal’innisaa M² 500 ta’e nan gurguradha jedhaniiru. Kam mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/M/Diinshoo

Jeelaan Aloo mana jireenyaa magaalaa Diinshioo ganda 01 keessatti argamu bal’innisaa M² 500 ta’e nan gurguradha jedhaniiru. Kam mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 dura yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf. W/L/M/Diinshoo

Boorana

Aadde Yimanyi Zawuduu Xurunahiifi Obbo Zawuduu Alaminawu B/B Alii Mahaammad qabeenyummaa isaanii kan ta’e mana jireenyaa Lakk.kaartaa isaa 4088/BMN/01/01/01ta’e lafa kaareemeetira 423.5 irratti maqaa Aadde Yimanyi Zawuduu Xurunahitiin galmaa’ee Magaalaa Nageellee Booranaa ganda 01 keessatti argamu obbo Alii Mahaammaditti gurguranneera waan jedhaniif, kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaanne gurgurtaan kun kan mirkanaa’uuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Nageellee Booranaa

Obbo Baqqalaa Taaddasaafi Aadde Kuriibbaachawu Damee mana jireenyaa magaalaa Nageellee Booranaa ganda 03 keessatti argamu lakk. saayit pilaaniisaa 7009/BMN/01/01/01, bal’innisaa M² 213 ta’e maqaa Obbo Baqqalaa Taaddasaatiin galmaa’ee beekamu Obbo Tewoodiroos Guyyootti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni mirkanaa’aaf. W/L/B/M/Nageellee Booranaa

Obbo Qamar Aliyyee Maanee Aadde Misiraa Usmaa’eel Huseen mana jireenyaa magaalaa Nageellee Booranaa ganda 02 keessatti argamu lakk. saayit pilaaniisaa 107/BMN/01/01/01, bal’innisaa M² 400 ta’e maqaa Obbo Qamar Aliyyee Maaneetiin galmaa’ee beekamu Aadde Safiyaa Usmaan Moomiiniitti gurguradheera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni mirkanaa’aaf. W/L/B/M/Nageellee Booranaa

Aadde Ingiduu Kabbadaa waraqaa ragaa abbaa qabeenyummaa Orjinaalaa Lakk. isaa QMQ 267/80 kan ta’e waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamau jedhanaii iyyataniiru. kanaafuu namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/M/Nageellee Booranaa

Buunnoo Beddellee

Kaffaalan taaksi **Aadde Alem Shirmaka Kootee** kan jedhaamuttu Idaa taaksii **qarshii 690,232.21**(kuma Dhibba jahaaf sagaltama fi Dhibba lamaaf soddomi lamaaf santim 21/100) kan irraa barbaadamu osoo hin kaffaliin waan hafaniif teessoon isaani **Godiina Bunno Beddellee magaala Beddellee Ganda Shuramuu Gootaa** kan ta’an qabeenyaa abba idaa taaksii akkata labsi taaksi lakk.**203/2009** keewata **43n** aangoo keenameefi irratti hunda’uu qabeenya armaan gadii caal-Baasin gurguru baarbaada.

Lakk	Gosa Qabeenya	Maqa Abba Qabenya	Bakk Itti Argamu	Ballina Lafaa	Ballina Mana	Lakk Kaartaa	Gatii Ka'umsaa
1	Mana Jireenya	Baayyuu Laaphisoo	Magala Beddelle G/Shuramu Gootaa Naanno Seenaa	Km2 200	108 km2	522/1997	Qar 492,733 san 75

- Haala Caal-basichaa fi ragaa dabalata Waajjira Galiiwan Magaalaa Beddellee irraa argachuu ni dandeessu.
- Dorgomtoonni sanaada Caal-basii waajjira Galiiwwaan Magaala Beddelle irraa qarshi hin deebine qarshii **300 (Dhibba sadii)** Kaffalaani bitaachu nii danda’u.
- Dorgomtoonni Gatii ka’umsa Caal-basichaa **CPO** %10 dursanii qabsiisuuf dirqama qabu.
- Dorgomtoonni Mana kana bitachuuf barbaadaan gatii meeshichaa lakkoofsa fi Qubeedhaan barreessanii poostaatti Saamsuun waajjira galiiwan magala Beddelleetti argamuun **guyyaa Caal-baasin kun Gaazeexaan Maxxanfame irraa eegale Guyyaa walitti Aanu 30 (soddoma) keessatti sa’aati 11:00tti** saanduqa caal-basiif qophaa’eetti galee kan cufamu yommu ta’u guyyaa gaafa **31ffaa sa’aatti 4:30 tti** dorgomtonni ykn bakka bu’aan seeraa bakka bu’iinsa seera qaban argamanitti Galma Bulchiinsa Magaala Beddelleetti ifaan ni banama.
- Dorgomtoonni Caal-baasicha irraatti hirmaachu barbaadan Mana Caal- Baasiif dhiyaate kan bakka itti argamuutti qaamaan guyyaa caal-basiin kun gaazeexaa Kallachaa Oromiyaatiin labsameen kaasee guyyaa hojii hunda Ogeessa Waajjiricha waliin ilaalu ni danda’uu.
- Caal-Basiicha dorgomaan mo’ate CPO qabsiise itti herregameefi gatii ittin mo’ate guyyaa mo’ata ta’uun isaa ibsame irraa eegale guyyoota 15(kudha Shan) keessatti kaffale Xumurudhaan dhan qabeenyicha fudhachuf dirqama qaba.
- Dorgomtonni gatii ittiin mo’ataan guyyaa 15(kudha Shan) keessatti kaffale fixuu yoo baate qarshii wabiidhaaf qabsiise (CPO)n waajjirichaaf galii ta’e caal-baasichi Kan haqamu ta’a.
- Baasiivan adda addaa Mana kana ilaalchise jiru hunda mo’aatadhaan Kan uwwifamu ta’a.
- Caal-Basii kana kan mormu, Mirgaan irraa qaba kan jedhu yoo jiraatte Mana Murtii Aango qabuu irraa guyyaa caal-Baasiin kun hin xumuramiin duraatti raga fi Dhorkaa dhiyeefachu qaba.
- Waajjirichi caal-basii kana gar-tokkeen ykn guutummaa guututti haqu ni dandaa’a.**Hubachiisa:- Odeefannoo Dabalataaf lakk bilbiila 047445 1319/0917818985/0917814164 tin Bilbiluum argachu ni dandeessu danda’ama.**

Waajjira Galiiwaan Bulchiinsa Magaalaa Beddellee

Obbo Indaalkaachoo Tasammaa mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 01 (Shuuramuu Gootaa) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa L-679/16 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 160M² Aadde Haannaa Taarikuutti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Gannatii Jiruu mana jireenyaa Magaalaa Beddellee ganda 02 (Abbaa Bokkuu) keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk.Kaartaa isaa 4563/2016 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa 260M² Obbo Saabir Dittaamootti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Beddellee.

Obbo Guddataa Dabalaa Dhiinsaa Godina Bunnoo Beddellee Magaalaa Qumbaabee ganda 01 keessaatti qabeenyaa hin sochoone Lakk. Kaartaa isaa 00690 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee lafa bali’ina isaa ---- irratti argamu karaa bakka bu’aa isaanii Aadde Alawiyyaa Mahammad Umartiin Aadde Alawiyyaa Mohammad Umarti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo hin dhiyaanne ta’e jijjiirraa maqaa kanaa kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Aanaa Cooraa.

Gujii

Caalbaasii

Falmii raawwii M/A/mirgaa Obbo Baqqalaa Hirbaayeefi M/A/idaa Dhugoo Adulaa gidduu jiru ilaalchisee Magaalaa Bulee Horaa ganda Gooroo Guddinaa keessatti qabeenya raawwii himatamaa bali’inni isaa 856.8 KM² irratti ijaaramee kan jiru mana abbaa balbala 14 gatii ka’uumsa caalbaasii qarshii 3,315,000 ta’een iddoo bitaafi mirgi argamanitti, raawwii himatamaan kunis hin argamne yoo ta’e bakka inni hin jirretti gaafa 14/10/2016 sa’aatii 4:30 hanga 6:30tti caalbaasii ifaa ta’een akka gurguramu waan ajajameef kan bitachuu barbaadu kamiyyuu bakkaa, guyyaafi yeroo jedhametti argamuun dorgomuu kan dandeessan ta’uu beeksisaa, qaamni caalbaasii moo’ate gatii waliigalaa keessaa (%25) battalumatti moo’ateen kan kaffalu ta’ee, kaffaltii guutuu guyyaa caalbaasiin raawwatamee eegalee guyyaa 15 keessatti kan hin kaffalle yoo ta’e caalbaasii moo’ataan mirgasaa dhabuun caalbaasii haaraan irra deebiin kan bahu ta’uu manni murtii ni beeksisa. Mana murtii Olaanaa Godina Gujii Lixaa

Caalbaasii Marsaa Iffaa

R/Himataan Obbo Sintaayyoo Taakkaleefi R/Himatamaa Obbo Laggasee Ashaa jidduu falmii raawwii murtii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Bulee Horaa Ganda Ejersaa Foora keessatti bali’ina lafaa kaaree meetira 200 irratti argamu tilmaama gatii qarshii 797,875 tiin gaafa 13/10/2016 sa’aatii 4:00 - 6:30tti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu beeksisaa, caalbaasii mo’ataan gatii waliigalaa keessaa 25% battalumatti kan kaffalu ta’ee, kaffaltii guutuun guyyaa caalbaasiin kan raawwatee kaasee guyyaa 15keessatti kan kaffalu yoo ta’u kan hin kaffalle yoo ta’e caalbaasii mo’ataan mirga isaa dhabuun caalbaasii haaraan kan bahu ta’uu manni murtii ni beekisa.M/M/O/G/Gujii Lixaa.

Obbo Zamadee W/Yohaannis Isheetuu mana Daldaalaa Lakk.isaa Aw/LG/01/024 kan ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) Daldaalaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Laga Gafarsaa keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 16.83M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 281 ta’e Obbo Tasfaa Maarqoos Aduulaatti gurguranii waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Obbo Alamuu Busaawaa mana jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessa qaban lafa kaaremetira 200 irratti argamu maqaa isaaniiti galmaa’e beekamu Obbo Alamaayyoo Dureessaatti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Aadde Tsahaay Yirgaa mana jireenya Magaalaa Shaakkisoo ganda Uddeeyyii keessa qaban lafa kaaremetira 200 irratti argamu maqaa isaaniiti galmaa’e beekamu Obbo Biruuk Tasfaayeetti gurguratanii maqaa jijjiiruu waan barbaadaniif qaamni mormu yoo jiraate, beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaattan ,kan hin dhiyaanne yoo ta’e jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu isin beeksifna.Waajjira lafaa Magaala Shaakkisoo

Aadde Firehiywoot Guddisoo Hurrisoo magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Odaa Doolaa keessatti argamu lakk. kaartaasaa 2631/2012; lakk. isaa Ad/God/298/3 , bal’innisaa M² 200 irratti argamu Mariigeetaa Fireesibaat Alamaayyootti gurguree waliigalteen akka ragga’uuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne jijjiirraan maqaa kan raawwatamuuf ta’uu ni beeksifna. W/L/B/ Magaalaa Adoolaa Woyyuu

Obbo Addisuu Nigaatuu mana Daldalaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biiqqaa Foraa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 59.5M² irratti argamu dabarsanii Obbo Seefuu Fiqaaduutti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Dargaggoonni ilaalcha misoomawaafi dimookiraatawaa qaban haaromsa keenyaaf murteessoodha!

Obbo Badhaadhaa Galchuu mana Jireenyaa Magaalaa Shaakkisoo ganda Biqaa Fo’aa keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee argamu bali`inni lafa 451M² irratti argamu dabarsanii Obbo Duubaa Annaatti gurgureera jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee hanga guyyaa 20tti yoo dhiyaachuu baate maqaa kan nannessinuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Shaakkisoo

Obbo Mahaammad Caaccichaa Aduulaa mana jireenyaa Lakk.isaa Ad/God/306/09 kan ta’e rammaddii tajaajila iddoo (zoning) mana jireenyaa irratti Bulchiinsa Magaalaa Adoolaa Woyyuu ganda Birbirsaa Biluu keessatti qabeenyaa hin sochoone lafa bali’inni isaa kaareemeetira 200M² irratti argamu Lakk. Kaartaa isaa 3006/2012 ta’e Obbo Tasfaa Maarqoos Aduulaatti gurguranii waliigalteen akka ragga’uuf iyyannoo isaanii dhiyeefataniiru. Kanaafuu, jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu, yoo hin dhiyaatiin waliigaltee dhiyaate fudhannee kan mirkanneesinuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Adoolaa Woyyuu.

Harargee

Caalbaasii

Baankiin Siinqee Damee Ciroo mana jireenyaa Obbo Mahammad Alii Magaalaa Ciroo Araddaa Madda beekumsaa keessatti argamu 150 KM² irratti argamu lakk. kaartaa isaa Bmc-1/250/884/2001tiin bulchiinsa Magaalaa Cirootti galmaa’ee jiru caalbaasii ifaatiin ka’uumsa caalbaasii qarshii 1,040,359.79 (Miliyoona tokkoofi kuma afurtamaa fi dhibba sadiifi Shantamii sagalii fi 79/100) tiin gurguruu barbaada. Kanaafuu namoonni bitachuu barbaaddan guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee gatii ka’uumsa caalbaasichaa 1/3^{ffaa} isaa baankii Siinqee damee Cirootti qabsiisuun dorgomuu ni dandeessu. Baankichi haala mijataa biroo yoo argate caalbaasii kana adda kutuuf mirga ni qaba. Baankiin Siinqee Damee Ciroo

Haaj Abdallaa Mohammad mana Daldalaa Magaalaa Ciroo Araddaa Burqaa Ciroo keessaa qaban dhaaltuu sadarkaa duraa gahee abbaa isaanii 50% ta’uu fi haati isaanii gahee ishee 50% ta’uu erga mana murtiitiin mirkaneeffatanii booda waliigaltee fedha isaaniitiin kaartaan maqaa haaj Abdallaa Mohammadiin jiru akka gama maqaaa Hamzaa haaj.Abdallaatti nuuf jijjiiramu jedhanii waan irratti waliigalaniif kaartaan kun maqaa nama jedhameetti akka jijjiiramu ta’uu isaa hubattanii namni komii qabdan yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 10n keessatti komii keessan akka iyyattan isin beeksifna. Waajjira Lafaa Bul/ Magaalaa Ciroo.

Obbo Girmaa Kabbadaatiif

Bakka jiranitti

Himattuun Aadde Alam Fayyeefi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 23/09/2016 sa’aatii 4:30 irraatti deebii keessan qabattanii akka dhiyaattanii falmattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e mirgi deebii kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/ Aanaa Doobbaa.

Iluu Abbaa Boor

Aadde Rahiimaa Guddataa fi Obbo Ismaa’eel Kadiir mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Q/ Kormaa keessaa qaban maqaa Aadde Rahiimaa Guddataatiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 448/03/2008 ta’e Lafa bali’inni isaa 440M² irratti ijaaramee argamurraa hirisanii bali’ina lafaa 150 ta’e tajaajila iddoo BA fi Sadarkaa iddoo 1^{ffaa} ta’e dabarsanii Obbo Hayilamikaa’eel Firrisaatti gurguranneerra waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Addaamnesh Alamaayyoo mana balbala tokko tajaajila (R3) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0042941 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 260M² irratti ijaaramee jiru Obbo Akaaluu Abdiisaatti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru. Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu

Obbo Iwunetuu Ayyalaa mana balbala tokko tajaajila (R2) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0222927 ta’een galmaa’e lafa bal’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiru Obbo Taarikuu Morodaatti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Aadde Fireehiwot Tsaggaayee fi Obbo Balaay Shibashii mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda A/Molee keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4753/02/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Taarikuu Yoonaastti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Tashoomee Abaatee fi Aadde Galaayee Dessee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Taboo keessaa qaban maqaa Obbo Tashoomee Abaateetiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 3696/03/2014 ta’e Lafa bali’inni isaa 200M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Mizgaanuu Caalaatti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Obbo Kabbadee Waldee mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Soor keessaa qaban maqaa isaaniitiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4469/01/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 1580M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Abubakar Ahimedtti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.



Muuxannoo

Masarat Amanaa

Nama suuraa simbira tokkoo kaasuuuf ji'a sadiif obsee eege

Namani waan keessi isaa fedhu hojjechuuf yaala tasgabii keessoo argachuun cinaatti milkiin gonfatamu cimaadha. Namni waan biraa kan keessoo keenya hin jirre nuuf hawwa. Garuu namni sun waan keessisaa isa ajaju ykn itti gammadu(hobby) ni qaba. Mee seenaa ajaa'ibaa tokko nama hojii dhiisuun waan keessisaa fedhu hojjechuu filate. Lammii Itoophiyaa hojii isaa dhiisee simbirroo gaadee suuraa kaasa

Asiraat Ayyaalo suuraa kaasa. Inumaa kanneen Tiwiitara gubbaa isa beekan 'isa simbira suuraa kaasuu' maqaa jedhuun isa beeku. Maqaa kana daa'immanu baaseef.

Ga'eessi Ganna 42 kuni suuraa kaasuun ogummaa keessa ture miti. Soshiyoolojiin eebbifamee dalagaa ture. Hireen jireenyaa garuu waan biraatti isa qajeelchite. Garuu duruu bosona jaalata. Yunivarsiitiidhaa bahee galii jalqaba argateen kaameraa ittiin suuraa kaasan bite. Garuu ittiin jiraadha jedhee hin yaadne. Waggoota saddeet dura haadha warraasaa waliin gara Kaaba Itoophiyaa Magaalaa Baahirdaaritti yeroo imalee waa taajjabe.

Haroo Xaanaa, finca'aa laga Abbayyaa suuraa kaase, viidiyoos waraabe. Magaalaa Baahirdaar 'maaliif dhoksani?' jedhee yaade. Kana caalaa beekamu qabdi yaada jedhu horate. Kanatti magaalattii, simbirrootaafi kaan suuraa kaasuun maxxansuu eegale. Simbira kana dura argee hin beekne fa'i arguu dubbata.

Waa'ee simbirrootaa hubachuuf kitaaba barsiisaan Yunivarsiitiin Baahirdaar qopheessan tokko argate. Suuraan simbirroota kitaabicharra jiran garuu 'hin bareedan' jedhee hubate. Achii suuraa kaasuu jalqabe. "Waggaa lamas haata'u sadii haa fudhatu simbirroota naannawa magaalaa Baahirdaar jiran kaasuu murteesse." Miilaanis bishkilitiinis imaluun suuraa kaasa. Kitaaba maqaa simbirroo, amalasaanii, haala jireenyaafi kaan ofkeessaa qabu qopheessee xumuraa akka jirus hima. Hanga yoonaa suuraa simbirroota 265 kaaseera. Hojiin tasa itti seene keessumaa waggoota lamaan darban jabeffate. Simbirroota suuraa kaasuun hojii idilee isaa ta'e.

Hojii miindaa qabu dhiisanii simbirroo kaasaa ooluun waan laayyoo hin turre. Jalqabarratti isa rakkisee ture. Amma garuu suuraa gurguraa galii argatuu eegaleera. "Galii guddaas ta'u baatu ittiin of bulchita," jedha. Guddinnisaa Gojjamidha. Abbaan isaa barsiisaafi daarektara mana barumsaa turan. Maatiin isaa waggoota sadis, afur keessattis bakka jireenyaa jijjiiru turan.

Namoonni miidiyaa hawaasummaa gubbaa 'namicha simbira suuraa kaasuu' jedhuun isa beeku Suuraa meeqa dhamahe kaase Tiwiitara gubbaa maxxansa. Bara waan hunduu maallaqa gaafattutti suuraa guyyuu tola miidiyaa hawaasummaa gubbaa maxxansuu garuu maaliif filate? "Ani waanan suuraa kaaseef malee badhaasni uumamaa hundumaaf kan kennamedha. Suuraa baay'een jaaladheen filee qooda. Hunduu argee osoo gammadee anaanis na gammachiisa" jedha.

Suuraan, amalli simbirroota isa gammachiisa. Suuraa bareedaa gaafa kaase "gammachuu kiyya ibsuun rakkadha," jedha. Hojichi garu salphaa miti. Guyyuu ganamaan ka'uu, yeroo dheeraaf eeguu, deddeebi'us gaafata. Obsa cimaa barbaada.

Simbirroon akka namaa dhaabatee yeroo namni suuraa ka'u hin eegdu. Sababa kanaaf Asiraat guyyaa obsee suuraa kaasa. Suuraa simbira takka kaasuuuf ji'a sadiif obsee eegee beeka. Kunis simbira Afaan Ingiliziin African fish eagle jedhamu kaasuu.



Hojiin ijoo lafa oolaniifi waqtii isaan dhufan baruudha. Simbirroota lafa jiidhaa, dirree, qarqara bishaanii, goodaafi bosona keessaafi bakka kaan warra jaalatan adda baafata. Kuni qofti garuu gahaa miri. Gara caalu suuraa bareedaa kaasuun "carraadha" jedha.

Suuraan simbirroo yeroo hedduu eegee kaases, osoo hin eegin tasa argee kaases jiru. "Waggoota lamaaf barbaadee suuraa bareedaa hanga yoonaa kan isaan hin kaasin jiru." Fakkeenyaaf simbira 'Irkum' jedhamu ijoollummaa isaatti argaa ture yeroo tokko buufata xiyyaaraa Baahirdaaritti argus irra deddeebi'e barbaadus dhabuu dubbata.

Simbira akkuma arganiin suuraa kaasuun ni rakkisa. Itti siquu, "yeroo dheeraaf of barsiisuun barbaachisa. Hanguma yeroo dheeraaf si argan sitti dhihaatu" jedha. Namoota adda baasanii akka baranis dubbata. Simbirroonni jalqaba isa baqatan gaafa itti deddeebi'u isaan baru.

Suuraa kaasuun Itoophiyaa keessatti hammana hojii baratame miti. Innis kana bareeti hojii kanatti kan seene. Jalqabarra hojii kanatti seenuu orma miti maatii isaas amansiisuun isa rakkisee ture. Amma garuu namoonni jabaadhu ittiin jedhan danuudha.

Yeroo tokko hattuun kaameraa ittiin suuraa kaasu duraa hatan. Kaameraa harkaa osoo baasuuf harkisuu duraa cabe. "Osoon hojii kana hojjedhe nan gammada ture. Maallaqa kaameraa biraa ittiin bitu waan hin qabneef itti fufuu hin danda'u," jedhee miidiyaa hawaasummaa gubbaa katabe. Deebii kana hin eegne ture. Namoonni si bira dhaabbanna, si gargaarra ittiin jedhan turan.

Nami tokkoos, "ijoolleen kiyya waa'ee simbirrootaa akka beekanii guddatan waan gootuf hojii kana akka dhaabdu hin fedhu," isa ittiin jedhan hin dagatu. Erga suuraa qooduu eegalteeti 'maqaa keetti muka gubbaa simbira ilaaluu jalqabne' kan isa jedhaniis jiru. Keessumaa baadiyyaa keessa yeroo naanna'e suuraa kaasu ijoolleen 'namichi simbira suuraa kaasu dhufe' isa jedhu.

Bakka biraa turee yeroo deebi'u "yeroo darbe simbirroon suni si jalaa miliqe" isa jedhu. Garuu waan hundi salphaa ta'e miti. Itoophiyaa keessa namni kaameraa sodaata. "Sababiin isaa naaf galee hin beeku," jedha.

Waardiyyoonni nama suuraa kaasu ofirraa lolu. Dallaa

gubbaa'suura kaasuun dhorkaadha' ergaawwan jedhan maxxanfamanii arguun waan haaraa miti. "Ummata kaameraa hanga meeshaa waraanaa sodaatudha. Magaalaa keessammoo ittuu caala. Poolisii qofa miti kara deemaanis ni gaafata," jechuun hima. Hojiin ijoo lafa oolaniifi waqtii isaan dhufan baruudha jedha ogeessi kaameraa kuni Yeroo tokko sababuma kanaan walqabatee daqiiqaa 40'f to'annoo poolisii jala oolee beeka.

Yeroo tokko magaalaa Baahirdaar dallaa riqicha Abbayyaa dhagaan itti caccabu keessa bishkilitiin darbaa ture. Achii simbira kana dura argee hin beekne arge.

"Simbira argeeni. 'Suuraa kaasuu,' jettee hanga gaafattutti simbirri sin eegu. Achii dura suuraa kaasee booda ittan hima jedhee murteesse. "Garuu waardiyyoonni tasa na amanuu hin dandeenye. Suuraa kaasuu akkamiin 'hojii kiyya' jettee joorta. "Waan biraaf akka dahootti itti dhimma biraaf itti bahaa jirta malee,"naan jedhan jedha Asiraat.

Magaalaan ala garuu bilisummaan suuraa kaasa. Qabeenya uumamaa yoo eegame simbirroonni nagaan jiraatu. Simbirroota suuraa kaase keessaa saddeetii hanga kudhan kan ta'an kan gosti isaanii bal'inaan hin mul'annedha. Simbirri 'sekiretarii bard' jedhamtu kan dura mul'atan amma garuu baay'inaan argaa hin jirree keessaa tokko akka ta'an hima.

Kanaafis sababa kan ta'an keessaa muraasni hanqina soorataa, faalama naannoo, qonni babal'achuufi cirama bosonaati. "Yoo kanaan itti fufe tasa isaan ilaaluu dhabuu dandeenya," jechuun yaadda'a. Yeroon hojii kana eegalu haala amma jiran galmeessee kaa'uuf murteessuu isaa hima.

Bifasaaniin dabalata Asiraat amala isaaniin gosti simbirroo inni jaalatu baay'eedha. Keessumaa bifi isaanii "uumama akkamiiti?" isa jechisiisa. Qilleensa keessa kallattii osoo hin jijjiirin koochoo isaanii raasaa bishaan keessaa qurxummii kanneen adamsan kanneen jaalatu keessaati. Kaan immoo godoo sanyii isaanii hin taane keessa seenanii kanneen hanqaaqanidha. Simbirroon biroo hanqaaquu isaanii keessaa cuucii yaasee guddisaaf. Kuni baay'uma isa dhiba.

Maddii : BBC

Daneessummaan miidhagina malee sodaa miti



Dinagdee

Hizqi'eel Tashoomaa

Galmoota misooma qonnaa milkeessuu keessatti gahee misooma dammaa

Ragaan Biiroo Qonnaa Oromiyaa bara 2015 akka mul'isutti Oromiyaan Gaagura Aadaa miliyoona 8fi kuma 648fi 80,gaagura fooyya'e miliyoona 11fi kuma 49fi 553, Gaagura Ce'umasaa miliyoona 8fi kuma 19fi 487 akkasumas maatii kanniisaa biliyoona1fi miliyoona 25fi kuma 39fi 162tti tilmaamamutu jira.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa guddina hawaas-dinagdee itti fufinsa qabuufi misooma ariifachiisaa dhugoomsuun ummata naannichaa hiyyummaa keessaa baasuuf hojiiwwan qonnaa roga hedduu qabanirratti karoorfatee hojjetaa jira. Karoora qabaman keessaa tokko, oomishtummaa dammaa dabaluu dinagdee damee kanarraa argamuun galii nama dhuunfaafi waloo guddisuuf xiyyeeffannoo kennamedha.

Oomishaafi oomishtummaa dammaa dabaluu, qulqullinaasaa eeguuf gaagura ammayyaa, ce'umsaa baay'inaan raabsuun /hojiirra oolchuuf hojjetamaa tureera. Gama biroon, hojiiwwan horsiisa kanniisaafi misooma dammaaf haala mijataa uuman kan akka kunuunsa qabeenya uumamaa, dhaabbii biqiltuu ashaaraa magariisaa, leenjii hubannoo cimsuufi kkf irratti hojjetamaa jira.

Hojiiwwan misooma qonnaan hojjetaman keessaa, oomishaafi oomishtummaa qonnaa saffisaafi itti fufinsan guddisun wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu, hiyyummaa hir'isuufi oomishaaleen qonnaa galtee induustirii ta'e baay'inaan akka jiratu gochuun caaseeffama dinagdee qonnaan durfamurraa gara industiriitti ceesiisuuf xiyyeeffannaan addaa kennameera. Oomishtummaa qonnaa guddisuun gara industiriitti ceessisuuf hojii hojjetamaa jiran keessaa immoo oomishni Dammaa isa tokkodha.

Oomisha dammaa kanaan walqabatee, xumura KGT-Iltti gaagura aadaa miliyoona 2.17, kan ce'uumsa kuma 20fi ammayyaa kuma 60 irraa damma kg miliyoona28.46 oomishuun danda'ameera. Naannoo Oromiyaatti jijjiirama qabatamaa ta'e fiduuf uummata naannichaa sadarkaa badhaadhinaatti ceesisuuf carraalee misoomaa hedduun akka jiran ni hubatama. Mootummaan Naannoo Oromiyaas haala mijataa naannichi misooma dammaaf qabu hubachuun, waggoottan kurnan Karoora Imala Badhaadhinaatti (2013-2022) keessatti, waliigalaan gaagura gosa adda addaa miliyoona 5.7 irraa oomisha damma kg. miliyoona 149.50 irraan gahuuf akka karoorfame KIB (2013-2022) Komishinii Karooraafi Misooma Dinagdee Oromiyaa ni agarsiisa.

Akkasumas, oomishtummaa dammaa bara 2012tti gaagura aadaa kg 7.66 , kan ce'umsaa kg 14.7 fi



gaagura ammayyaarraa kg 10.16 irra ture, xumura KIB bara 2022tti walduuraa duubaan gara kg 10, 25 fi 35tti guddisuuf akeekameera. Waggoottan Imala Badhaadhina Marsaa 1ffaa (2013-2017) tti keessattis, carraawwan jiran kana gara dinagdeetti jijjiruuf mootummaan naannichaa misooma Dammaaf xiyyeeffannoo kennee hojjetaa tureera.

Karoora kana keessatti oomishtummaafi qulqullina dammaa dabaluu oomishtootaafi naannicha fayyadamaa taasisuuf inisheetivii misooma dammaa dhaadannoo “Oromiyaa Galaana Damma ni taasisna” jedhuun Magaalaa Jimmaatti bara 2013 kan labsameera. Karoora bara 2016 “Karoora Xiiqiitti” moggasuun hojiiwwan misooma hojjetaman hunda xiiqiin hoogganuun murteessaa akka ta'e labsameera. Hojiiwwan hojjetamanis humna walootti fayyadamuun baay'inaan, ariitiifi qulqullinaan raawwatamuu akka qabu akeekameera.

Waggoota 3n karoora imala badhaadhinaa keessatti gaagura ammayyaa kuma 300 raabsuuf karoorfamee keessaa bara 2015tti qofa kuma dhibba 3fi kuma 50 ol raawwatameera. Kunis kan waggaa saditti raawwatamuuf karoorfame waggaa tokkotti raawwatamuu agarsiisa. Bara 2016 keessammoo tarkanfii addaatiin ykn karoora xiiqiin hojii hunda raawwachuu qabna kallattii jedhuun gaagura ammayyaa miliyoona 1 raabsuuf karoorfamee kana keessaa walakkaa waggaatti kuma 462 ol raabsuun, waliigalaan damma toonii kuma 54.3 oomishuun oomishtoota dammaa (qonaan bulaa, dargaggoota, horsiisee bulaaf) dinagdee dabalataa uumuun akka danda'ame gabaasni raawwii karoora hojiiwwan qaama

raawwachiiftuu ji'oottan jahaa bara 2016 (Adoolessa 1/2015-Mudde30/2016) ni agarsiisa.

Akeekawwan kana keessaa misoomni dammaa isa tokkodha, Misoomni kun galmoota misooma qonnaan qabaman kan akka al-ergii guddisuu, wabii midhaan nyaata mirkaneessuu, oomisha alaa galu bakka buusuufi carraa hojii bal'aa uumuu keessatti gahee olaanaa qaba. Hojii misooma dammaarratti hojjetamaa tureen carraa hojii bal'aa uumuun galmoota akka al-ergii dabaluu oomisha alaa galu bakka buusuu, wabii midhaan nyaataa mirkaneessuu (nyaata madaalawaa)fi carraa hojiitiin oomishtoota dabalataa damee kanatti hawwachuun oomishaafi oomishtummaa dammaa dabaluu hojjetamaa tureera, bu'aan heddunis argameera.

Galmoota misooma qonaan akeekaman afran keessaa carraa hojii bal'inaan uumuun isa tokkodha. Misoomni Dammaas galmoota misooma qonnaa milkeessuuf qabaman baay'ee keessaa tokko. Damee kanarratti,

dargaggootaa carraan hojii uumameefi fayyadamoo ta'aa jiran keessaa dargaggoonni Godina Qellem Wallaggaa Aanaa Hawwaa Galaan tokkodha.

Dargaggota godinichaatti fayyadamaa jiran keessaa dargaggoo Nuuree Aliyyii tokkodha. Nuureen jiraataa Aanaa Hawwaa Galaan Ganda Digdamii tokkoo yoota'u digrii jalqabaan yunivesiitiirraa eebbifame. Dargaggeessi kun carraawwan hojii naannoosaatti uumameef keessaa gaagura ammayyaa 65 fudhachuun oomisha dammaa marsaa jalqabaa eegaachaa akka jiru dubbateera.

Dargaggoo Gammachuu Aagaas, jiraataa Aanaa Hawwaa Galaan Magaalaa Machaaraa yoo ta'u, gaagura ammayyaarraa damma qulqullinni isaa eegame oomishuun waggaatti galii qarshii kuma 250 hanga kuma 300 argachaa akka jiru ibseera.

Bara 2016 kana keessatti fayyadamummaa dargaggoota godinichaa calmaatti mirkaneessaa adeemuun oomishaafi oomishtummaa akkasumas qulqullina dammaa dabaluu gaagura ammayyaafi cehumsaa kuma 15 ol dargaggootaafi oomishtootaaf kennamuu Itti Aanaa Ittigaafatamaan Waajjira Qonnaa Godina Qellem Wallaggaa Obbo Darajjee Qannaa himaniiru.

Bulchaan Godina Qellem Wallaggaa Obbo Gammachuu Gurmeessaa, godinichatti dhaabbilee dhuunfaa waliin ta'uun oomisha dammaarratti hojjetamaa jiraachuu kaasanii, bara 2016 kana keessa damma toonii kuma 4 ol argamsiisuuf hojjetamaa jiraachuu himaniiru. Damee kanaan carraan hojii namoota kuma 31 oliif uumamee jiraachuus Obbo Gammachuun himaniiru.

Barumsi naannoo hubannoo hawaasaa guddisuudhaaf shoora guddaa qaba!

Obbo Nuuraa Ahimed fi Aadde Zeetunaa Ahimed mana jireenyaa Magaalaa Mattuu ganda Abbaa Molee keessaa qaban maqaa Obbo Nuuraa Ahimedtiin galmaa’ee beekamu Lakk. Kaartaa isaa 4630/02/2016 ta’e Lafa bali’inni isaa 126M² irratti ijaaramee jiruu fi Sadarkaa iddoo 2^{ffaa} argamuu dabarsanii Obbo Hasan Kadirtti gurguradheen jira waan jedhaniif akkaataa Labsii Liizii lafa. Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Mattuu.

Aadde Yeshimmabeet Haayiluu Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 03 keessaa mana Jireenyaa maqaa Obbo Habtaamuu Faantaahutiin galmaa’ee jiru lubbuun addunyaa kanarraa waan boqotaniif animmoo dhaaltuu du’aa kanaa waanan ta’eef manni maqaa Obbo Habtaamuu Faantaahun Lakk.Kaartaa isaa WL/4236/H/2016 bali`ina lafaa 192M² irratti argamu maqaa kootti akka naaf jijjiiramu jedhanii iyyataniiru. Kanaaf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Kennasaa Hacaaluu jiraataa Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 04 keessaa mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.Kaartaa isaa WL/4238/K/2016 bali`ina lafaa 200M² irratti argamu Obbo Malkaamuu Takkaatti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Balaachaw Taaffasaa jiraataa Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 03 keessaa mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.Kaartaa isaa WL/4248/B/2016 bali`ina lafaa 200M² irratti argamu Obbo Badiruu Suleetti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Aadde Masarat Bafqaaduu jiraataa Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 04 keessaa mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.Kaartaa isaa Geo/377/፬/09 bali`ina lafaa 500M² irratti argamu Obbo Abarraa Birruutti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Aadde Tsahaayinesh Nugusee jiraataa Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 04 keessaa mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.Kaartaa isaa Geo/3/05 bali`ina lafaa 200M² irratti argamu Obbo Kaasaahun Abarraatti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Aadde Alamaash Tsaggaayee jiraataa Godina I/A/Boor A/Aallee Magaalaa Goree Ganda 03 keessaa mana Jireenyaa maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru Lakk.Kaartaa isaa WL/4213/2013 bali`ina lafaa 250M² irratti argamu Obbo Abdusalaam Jibriltti waan gurguraniif akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Aanaa Aallee.

Obbo Eermiyaas Salamoon mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Abdii Borii keessatti Lafa kaareemetira 200M² irratti argamu Obbo Toomaas Sulxaanitti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Aadde Balaayinesh Mogos mana jireenyaa Magaalaa Hurrumuu ganda 01 Zoonii Bilbilaa keessatti Lafa kaareemetira 200M² irratti argamu Aadde Malkaamee Yaadataatti gurguradheera jedhaniiru. Kanaafuu, kan mormu ykn mirga qabeenyaa kanarraa kan qabu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa eegalee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Bulchiinsaafii Itti Fayyadama Lafaa Magaalaa Hurrumuu.

Aadde Yaadatee Gamtaa mana balbala tokko tajaajila (C011) kan ta’e maqaa isaaniitiin Magaalaa Laaloo ganda 01 keessaatti argamu Lakk. Kaartaa 0312150 ta`een galmaa’e lafa bal`inni isaa 73.6M² irratti ijaaramee jiru Obbo Taagal Alamaayyootti waan gurguraniif jijjiirraa maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii gaafataniiru.Kanaafuu Akkaataa Labsii Liizii lafa Magaalaa Lakk.721/2004tiin jijjiirraan maqaa waan raawwatuuf kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafa Magaalaa Diiduu.

Jimmaa

Aadde Adaanachi Darajjee kaartaan mana jireenyaasaanii magaalaa Jimmaa ganda H/Mantinaa keessatti argamuu lakk. isaa 2541/2010 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif sababa garaagaraatiin namni kaartaa kana qabdheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/Magaalaa Jimmaa

Awwal Kadir kaartaan mana jireenyaasaanii magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti argamuu lakk. isaa 1506/2001 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif sababa garaagaraatiin namni kaartaa kana qabdheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/Magaalaa Jimmaa

Obbo Naatinaa’eel Getaachawu kaartaan mana jireenyaasaanii magaalaa Jimmaa ganda B/Booree keessatti argamuu lakk. isaa 4649/2012 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif sababa garaagaraatiin namni kaartaa kana qabdheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/Magaalaa Jimmaa

Obbo Nasiroo Shifaa kaartaan mana jireenyaasaanii magaalaa Jimmaa ganda A/Mandaraa keessatti argamuu lakk. isaa 2425 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif sababa garaagaraatiin namni kaartaa kana qabdheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/B/Magaalaa Jimmaa

Obbo Kadir A/Milkii galmaa’ee argamu lakk. kaartaa kan Lafa Duwwaa 6583 gaafa guyyaa 22/9/98 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Boree keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Musxafaa Mohaammad galmaa’ee argamu lakk.kaartaa kan Lafa Duwwaa 6590 gaafa guyyaa 22/9/98 kan ta’e tajaajilli isaa mana jireenyaa maqaa isaaniitiin Magaalaa Jimmaa ganda B/Boree keessatti galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaan duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaan kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Ahimad A/Dilbii Lakk. Kartaa hin sochoone 4560/2001 ta’e tajaajila mana jireenyaa kan ta’e Magaalaa Jimmaa ganda B/Kittoo keessatti maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, kaartaa fi waliigaltee liizii kana namni arge ykn sababa adda adaattin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti akka dhiyaatu hubachiisaa, guyyaa jedhamee keessatti yoo dhiyaachuu baate kaartaa duraanii tajaajilaan ala akka ta’etti lakkaa’amee kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Jimmaa.

Obbo Amiir Abdulsalaam kaartaan mana jireenyaasaanii magaalaa Aggaaroo ganda Tamsaa Jiddaa (01) keessatti argamuu lakk. isaa B-0663/2009 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif sababa garaagaraatiin namni kaartaa kana qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyeessine kan duraanii tajaajilaan ala akka ta’eetti lakkaa’amee kaartaan biraan kan kennamuuf ta’uu beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Aggaaroo.

Shawaa

Walda Hojii Gamtaa Itti Fayyadamtoota Hojjattoota Isti Afriikaan Itti Gaafatamummaan isaa Murataa’e Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu Aanaa Dhakaa Booraa keessatti kan argamu Akkaataa Seeraafi Qajeelfama Dambii Ittiin Bulmaataa Labsii Lakk. 218/2011 Ejensii BWHG Oromiyaa Labsii Lakk. 985/2009 Komishinii WHG Federaalaa Itiyoophiyaa guutee gurmaa’e qaama seerummaa kan argate yemmuu ta’u, haa ta’u malee miseensonni waldichaa Yaa’ii waliigalaa gaafa 02/09/2016 taasisaniin harak 2/3 argamuun fedhii isaaniitiin waldaan kun akka diigamu sagalee tokkoon murteessanii waajjira keenya beeksisaniiru. Kanaafuu diigamuu waldaa kana kan mormu yoo jiraate, haa dhiyaatu. **Walda Hojii Gamtaa Itti Fayyadamtoota Hojjattoota Isti Afriikaan Itti Gaafatamummaan isaa Murataa’e.**

Caalbaasii

Baankiin Siinqee W.A Damee Gunaan manneen magaalaa Abbaa Jamaa keessatti argaman 1ffaa mana maqaa Obbo Shaawul Hayiluutiin lakk. kaartaa abbaa qabeenyummaa 639/10/2009 ta’ee galmaa’ee argamu lafa hektaara 242.5 (dhibba lamaaf afurtamii lama shan kaaremeetir Iskuweerii) irratti argamu ka’uumsa caalbaasii qarshii 312,125.91(kuma dhibba sadiifi kuma lamaafi dhibba tokkoo fi digdamii shanii fi saantima 91) irraa kaasee dorgomsiisuun gurguruu barbaada. 2ffaa mana jireenyaa magaaluma Abbaa Jamaa keessatti maqaa Aadde Masarat Gaashawuutiin lakk. kaartaa 937/512/2014 ta’ee beekamu bal’inni isaa 94M² irratti argamu gatii ka’uumsa caalbaasii qarshii 238,886.66(kuma dhibba lamaafi kuma soddonii saddeetiifi dhibba saddeetif saddeettamii jahaafi saantima 66) irraa kaasee dorgomsiisuun caalbaasii ifa ta’een lamaan isaanituu gaafa guyyaa 17/10/2016 ALI sa’aa 4:00 - 7:00 tti gurguruun maqaa abbaa qabeenyummaa gara bitataatti jijjiiruu waan barbaaduuf qaamni bitachuu barbaadu ¼(tokko araffaa) ka’uumsa caalbaasii Baankii Siinqee W.A Damee Gunaatti qabsiisuun dhihaattanii akka bitattan isin beeksifna. Baankii Siinqee W.A

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Aadde Masarat Beetaa fi M/A/idaa Aadde Ijigaayyahuun Maammoo gidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa magaalaa Adaamaa Aanaa Gooroo keessatti maqaa M/A/Idaa kanaan galmaa’ee argamu lakk. kaartaa kadaastaraa isaa OR-001016203003, bal’ina lafaa M² 246 irratti argamu ka’umsa caalbaasii qarshii 3,162,369.60tiin galmooftanii bitachuuf namni fedhii qabdan gaafa 08/10/2016 sa’aatii 4:00 - 6:00 tti kan gaggeeffamu waan ta’eef ka’uumsa caalbaasii irraa gatii ibsame ¼ CPO qabsiisuun bakka qabeenyi itti argamu B/M/ Adaamaa Aanaa Goorootti waan gaggeeffamuuf guyyaa fi sa’aatii jedhame kanatti qamaan argamuudhaan bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera. M/Murtii Aanaa kutaa Magaalaa Boolee.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Zarihuun Saahiluu Nugusee fa’aa N-6 fi M/A/Idaa Sahiluu Nugusee jidduu falmii raawwii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa Aanaa Gaara Luugoo keessatti argamu lafa kaaree meetira 105 irratti qubatee argamu mana kaartaa hin qabane ka’umsaa caalbaasii qarshii 728,612.38tiin gaafa 22/10/2016 sa’aatii 3:30 - 6:00tti caalbaasii ifa ta’een waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M /M/O/Magaalaa Adaamaa.

Caalbaasii

R/Himattuun Aadde Ma’aazaa Damisseefi R/ Himatamaa Obbo Lammaa Hayiluu jidduu falmii dhirsaafii niitummaa jiru ilaalchisee 1^{ffaa} mana jireenyaa Kutaa Magaalaa Laga Xaafoo Laga Daadhii Aanaa Dambal Xaafoo keessatti bali’ina lafaa kaaree meetira 420M² irratti argamu Lakk. kaartaa isaa 2494 ta’e mana tokkoofi manneen saarviisii kutaa torba ofirra qabu ka’umsaa caalbaasii qarshii 3,719,776.3tiin 2^{ffaa} konkolaataa DX Lakk. Gabatee isaa 14244 AA kan ta’e ka’umsaa caalbaasii qarshii 212,592.⁹⁸/100tiin gatii ka’umsa caalbaasii kana bu’uura godhachuudhaan qabeenyaan 1ffaa fi 2ffaan kun waan gurguramuuf caalbaasii 1ffaan gaafa 13/10/2016 sa’aatii 4:00 - 6:00tti caalbaasii 2ffaan gaafuma kana sa’aatii 8:00 hanga 9:00tti iddoo qabeenyaan kun argamutti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M /M/A/ Magaalaa Laga Xaafoo Laga Dadhii.

Caalbaasii

R/Himattoonni Yeshaarag Hayilee fa’aa N-22 Bakka Bu’aan Darajjee Tashoomaa fi R/ Himatamaa Waldaa Hojii Gamtaa Aannana Ada’aa I/G/Murtaa’e jidduu falmii himannaa raawwii jiru ilaalchisee konkolaataa Lakk. Gabatee isaa 03-59689 OR,Lakk. Motoraa 4HGI-63486 ta’eefi Lakk. Shaansii JAMKP34HXH7P04936 kan ta’e Maqaa waldaa R/Himaamaatiin galmaa’ee jiru mooraa waldaa R/Himatamaa kan ta’e Magaalaa Bishiiftuu kutaa Magaalaa Calalaqaa Anaa Erar keessa dhaabbatee argamu ka’umsaa caalbaasii qarshii 1,271,979.⁶³/100tiin gaafa 19/10/2016 sa’aatii 3:00 - 6:00tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddanka’umsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsiisuudhaan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/ M/A/Kutaa Magaalaa Calalaqaa.

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Obbo Abrahaam Geetaachawu fi M/A/Idaa Haannaa Wandimmuu jidduu falmii raawwachiisa murtii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Lakk. Kaartaa isaa 130011503816/2011 ta’e maqaa murtii abbaa idaatiin galmaa’ee kennameef ka’umsaa caalbaasii qarshii 2,381,294.17tiin gaafa 17/10/2016 sa’aatii 6:00irratti caalbaasiidhaan waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka’uumsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsiisuudhaan iddoo qabeenyi kun argamutti dhiyaattanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/ Aanaa Kutaa Magaalaa Bokkuu Shanaan

Caalbaasii

M/A/Mirgaa Xankir Banqoo fi M/A/Idaa Anbassee Raggaasaa fa’aa N-2 jidduu falmii raawwii siviilii jiru ilaalchisee mana jireenyaa Magaalaa Dukam Ganda Kootichaa keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa Da/79/2002 kan ta’e qabeenyummaan isaa kan R/Himatamaa 1ffaa obbo Anbassee Raggaasaa ta’e ka’umsaa caalbaasii qarshii 12,309,595.¹⁸/100tiin gaafa 24/10/2016 sa’aatii 3:30 - 6:30tti waan gurguramuuf namoonni caalbaasii kanarratti dorgomuudhaan bitachuu barbaaddan ka’umsa caalbaasiirraa ¼ CPO qabsiisuudhaan iddoo, guyyaafi sa’aatii jedhameetti dhiyaachuun dorgomtanii bitachuu kan dandeessan ta’uu manni murtii ajajeera.M /M/W/Oromiyaa.

Obbo Bassuufiqaad Rafeeraa irraa gara Faaruuq Kamaal irraa gara Zakkaariyaa Ahimaditti kan naanna’e Kaartaa Lakk. isaa L/S/2028/2001 ta’eefi Nagahee Lakk. isaa 280443, Lakk. Galmee Z-737 ta’een galmaa’ee Faayilli mana Galmee Waajjira Lafaa keessa jiru yeroodhaaf bakka irraa argamuu waan hin dandeenyeef faayila kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Kaartaa kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Tsaggayee Abbabaa kaartaa lakk.isaa Bur/455/96 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru waan na jalaa badeef kan biraa bakka bu’ee akka kenninuuf gaafataniiru. Kanaafuu, namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 30 keessatti yoo dhiyaachuu baate ragaa bade kan bakka bu’e kan hojjenne laannuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.

Obbo Indaashaw Faqqadaa Nagahee mirriitii lakk.1384534 maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru harka isaanitii waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee booda ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Obbo Adamuu Gululaat Nagahee mirriitii lakk.1384532 maqaa isaanitiin galmaa’ee jiru harka isaanitii waan badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa Magaalaa Sulultaatti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun hin taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa erga irra darbee booda ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Sulultaa.

Aadde Caalii Badhaadhaa Nagahee Lakk. isaa 034681, Lakk. Galmee C-216 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Obbo Getaachoo Charuu Kaartaa Lakk.isaa SULQW/1342/07 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn kiyya jedhu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa hojii 20 keessatti Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Mana Abbichuutti dhiyaachuun akka beeksiftan, kun taanee tanaan ragaa biraa hojjenne kan kenninuuf ta’uu ibsaa, beeksifni kun bahee guyyaan isaa edda irra darbee boodaa ragaan kun yoo argamellee kan hin hojjenne ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Mana Abbichuu.

Obbo Balaay Tsaggaa Damee Nagahee Lakk. Isaa 744878 ta’eefi Nagahee Lakk. isaa 0102864 kan ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti yoo deebisuu baate nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.

Obbo Zakkaariyaas Zamikaa’eel kaartaa iddoo mana jireenyaa Magaalaa Adaamaa ganda Irreechaa keessatti Kaartaa Lakk. isaa 317/2011/E1 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef kan biraa akka naaf kennamu jechuun gaafataniiru. Kanaafuu, qaamni ragaa kana irraa dhorkii, idaa abbaa qabeenyummaa fi kan biroo qaba jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. yoo dhiyaachuu baate abbaa qabeenyaa kanaaf ragaan kan biraa hojjetamee kan kennamuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafa Magaalaa Adaamaa.

Aadde Tigisti Baqaaluu Nagahee Lakk. isaa 494444 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.

Lafawwan miidhaman xuxxuqqaarraa bilisa gochuudhaan deebi’anii akka dandamataniifi oomishitummaansaanii akka dabalu gochuun ni danda’ama!



Seeraafi Haqa

Taammanaa Gammadaa

Qabeenya bu'aa yakka malaammaltummaa deebisiisuufi bulchuu: sakatta'insa seeraafi hojimaataa Naannoo Oromiyaa

Sakatta'insa heeraafi seerota biyya keessaa

(*Kan darberraa kan itti fufe*)

– **Labsii qabeenya galmeessisuufi beeksisuu lakk.668/2010**

Yakka malaammaltummaa ittisuun wal qabatee tarkaanfii sadarkaa biyyaalessaatti fudhatame keessaa tokko labsii qabeenya galmeessisuufi beeksisuu lakk.668/2010dha. Barbaachisummaa labsii kanaas malaammaltummaa ittisuun, bulchiinsa gaarii lafa qabsiisuu, walitti bu'iinsa dantaa dhuunfaafi ittigaafatamummaa hojii hambisuuf akka tahe seensa labsichaa irraa kan hubatamuudha. Bu'uura labsii kanaatin muudamaan, bakka bu'aan uummataa/filatamaan ykn hojjataan mootummaa kamiyyuu qabeenya ykn qabiyyeessaafi maatiisaatin jiru, galiisaafi kan maatiisaa galmeessisuuf dirqama qaba. Qabeenya kana akka galmeessuuf dirqamni kan itti kenname Komiishiinii Naamusaafi Farra Malaammaltummaa yoo ta'u, komishiniichi akkuma barbaachisummaasaatti itti gaafatamummaasaa kana bakka bu'ummaadhaan garee naamusaatiif dabarsuu danda'a. Muudamaa, bakka bu'aan ummataa ykn filatamaa ykn hojjetaan mootummaa qabeenyasaa bu'uura labsii kanaatiin hin galmeessifne ykn itti yaadee odeeffannoo sirrii hin taane kenne bu'uura labsii lakk.881/2007 kwt.18(2)tiin kan adabamu ta'a.

Bifuma wal fakkaatun sadarkaa bulchiinsa mootummaa Naannoo Oromiyaattis labsiin qabeenya galmeessisuufi beeksisuu murteessuuf bahe lakk. 169/2011 labsameera. Labsichi seensasaa keessatti qabeenya beeksisuufi galmeessisuun malaammaltummaafi hojimaata badaa ittisuufi bulchiinsa gaarii dagaagsuu keessatti faayidaa olaanaa qabaachuu caqaseera. Haaluma kanaan filatamaan, muudamaan ykn hojjetaan mootummaa kamiyyuu qabeenya ykn qabiyyee maqaasaafi maatiisaatiin jiru, madda galiisaafi maatiisaa beeksisuufi galmeessisuuf dirqama qaba.

– **Labsii eeruu kennitootaafi ragootaaf eegumsa taasisu lakk. 669/2010**

Labsiin kun addatti dhimma malaammaltummaaf kan tumame ta'uu baatus yakka malaammaltummaa ittisuun keessatti gahee olaanaa qaba. Yakki malaammaltummaa iccitiidhaan kan dalagamuu fi tarii yeroo tokko tokko miidhamaa dhuunfaa kan hin qabne waan ta'eef, haala salphaa ta'een kan saaxilamu miti. Kanarra darbees yakki malaammaltummaa qaamolee aangoofi humna dinagdee qabaniin kan raawwatamu ta'uusaatiin namoonni yakka kanarratti hirmaatan qaamolee eeruu yakkaa kennan ykn ragaa ta'uu danda'an irratti dhiibbaa ykn miidhaa garaagaraa qaqqabsiisuu akka danda'an ni tilmaama. Kutaa seensa labsii eegumsa eeruu kennitootaafi ragootaa lakk. 669/2010 irraa kan hubatamuu danda'us yaaduma kanadha. Bu'uura labsii kanaatiin namni eegumsa taasiifamuufi malu yakka hidhaa cimaa waggaa kudhanii fi isaa ol adabsiisuu danda'u ykn yakka adabbii du'aa adabsiisuu danda'uun wal qabatee

qaama eeruu kenneef, ragaa kenneef ykn qorannoo gaggeesseef ta'ee, yakkichi eeruu ykn jecha ragaa nama ykn qaama kanaatin alatti carraa saaxilamuu ykn mirkanaa'uu kan hin qabne yoo ta'eefi sodaa hamaan qabeenya ykn qaama ykn bilisummaa namoota kana irra jiraachuunsaa kan amaname yoo ta'edha. Eegumsi kunis eegumsa qaamaafi qabeenyaa, bakka jijjiirrun mana jireenyaa kennuu, eenyummaafi abbummaa qabeenyaa dhoksuu, meeshaa waraanaa hidhachiisuu, hanga guyyaa dhagahaatti eenyummaa ragaa dhoksuu, dhaddacha cufaatti ragaa dhagahuu, jecha ragaa dawoo keessa taa'anii kennuufi kkf kan dabalatudha. Qaamni ulaagaa kunneen guute ykn bakka qaamni ykn namni kun iyyata dhiyeeffachuu hin dandeenye qorataan poolisii ykn abbaan alangaa ykn namni biraa iyyata eegumsaa dhiyeessuu akka danda'u labsiin kun ifatti tuma. Amala raawwii yakka malaammaltummaafi ulaagaa kenninsa eegumsaa labsii keessatti caqafame yoo laallamu yakka malaammaltummaa ittisuuf gahee olaanaa kan qabudha.

Sanadoota idila Addunyaa

Yakki malaammaltummaa rakkina siyaas-dinagdee biyya tokko keessatti qofa kan daanga'ee jiru osoo hin taane farra guddina dinagdee, guddina dimookiraasii, dagaagina mirga namoomaafi olaantummaa seeraa hawaasa addunyaati. Kanarraa kan ka'e sadarkaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniitti ifi Gamtaa Afrikaatti xiyyeeffannaan addaa kennameefi waliigalteen ittisa yakka malaammaltummaa tumamuu danda'eera.

– **Waliigaltee Farra Malaammaltummaa Mootummoota Gamtoomanii**

Miseensotni Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii bara 2003 ALA yaa'ii waliigalaa taasisaniin Waliigaltee Ittisa Yakka Malaammaltummaa labsii lakk. 58/4tiin mirkaneessaniiru. Seensa waliigaltee kanarraa akka hubatamutti malaammaltummaan yakka biyya tokkotti daanga'e otuu hin taane yakka sadarkaa addunyaatti sodaachisaa ta'aa jiru, yakka nageenyaa fi tasgabpii addunyaaf sodaa uumaa jiru, yakka guddina dimookraasii fi mirga namoomaaf akkasumas guddina itti fufiinsa qabu mirkaneessuuf sodaa ta'e akka ta'e kaafameera. Kanaaf hawaasni addunyaa qindoominaan ittisuun akka qabu kaa'ameera. Waliigalteen Ittisa Yakka Malaammaltummaa kun boqonnaa 8 (saddeet) jalatti kan gurmaa'e yoo ta'u, keewwatoota 77 kan hammatee dha. Boqonnaan tokkoffaa tumaalee waliigalaa kan of jalatti hammatu yoo ta'u tumaaleen kunis waa'ee kaayyoo, hiikoo jechootaa ykn gaaleewwaniifi daangaa raawwatiinsa waliigaltichaa kan ibsudha. Daangaa raawwatiinsa isaatiin wal qabatee waliigaltichi ittisa, qorannoo, himannaa, uggurrii qabeenyaa, qabeenya dhaaluufi deebisiisuuf waliigalticha hojiirra kan oolu ta'uu kaa'eera. Boqonnaan lammaffaan waa'ee ittisa yakka malaammaltummaa kan tumu yoo ta'u, biyyootni miseensa waliigaltee

kanaa ta'an sirna seeraa biyya isaanii keessatti imaammata farra malaammaltummaa, hirmaannaa hawaasaa, olaantummaa seeraa, bulchiinsa qabeenyaa uummataa, iftoominaafi itti gaafatamummaa mirkaneessuu irratti bu'ureeffate qabaachuu akka qaban akeeka. Dabalataan, biyyoonni kunneen gahuumsa seerota, qajeelfamootaafi hojimaatasaanii qixa ittisa yakka malaammaltummaadhaan madaaluufi fooyyeessuuf dirqama akka qaban tumeera. Dambii naamusa hojjattoota mootumaa qabaachuu akka qaban, sirna bittaafi bulchiinsa qabeenya mootumaa akka qabaatan, sirna uummatni yakka kana itti saaxilu akka qabaatan 132, ittisa yakka malaammaltummaa keessatti hawaasaa akka hirmaachisan, bulchiinsa sochii maallaqaa keessatti miiciinsa maallaqaa haala ittifamu irratti sirna akka qabaataniifi tumaalee biroo hammateera. Boqonnaan sadaffaa tumaalee yakka malaammaltummaa beeksisaan yoo ta'u, kutaa kana keessatti aangawoota mootumaa biyyoolessaa fi dhaabbilee idila-addunyaa matta'aa kennuu , qabeenya uummataa qisaasessuu, garmalee fayyadamuufi faayidaa hin malleef oolchuu , aangoodhaan dhiibbaa hin malle uumuu, aangoo itti gaafatamummaa garmalee itti gargaaramuu, matta'aa dhaabbilee dhuunfaa, bu'aa yakka malaammaltummaa miicuu , bu'aa yakka malaammaltummaa dhoksuu/miliqsuu, yakka malaammaltummaan wal qabatee kenniinsa haqaa gufachiisuu, sirna himannaa, dhagahaafi murtii adabbii yakka malaammaltummaa, qabeenya bu'aa malaammaltummaa uggurruu fi dhaalu, eegumsa eeruu kennitootaa, miidhamtootaafi ogeessota qorannoo yakka malaammaltummaatiif malu , sirna himannaa beenyaa miidhaa yakka malaammaltummaafi kkf hammateera. Boqonnaan afur waa'ee qindoomina biyyoota addunyaa kan of jalatti hammate yoo ta'u namoota yakka malaammaltummaa raawwachuun biyya biraatti baqatan dabarsanii kennuun haala danda'amu irratti tumaan ifa ta'e kaa'ameera. Dabalataan biyyootni miseensa waliigaltee kanaa ta'an qorannoo, himannaafi dhagaha yakka malaammaltummaarratti deggersa seeraa waliif gochuu akka qaban ni tuma.

Boqonnaan 5^{ffaa}n waa'ee qabeenya deebisiisuu yoo ta'u dhimmi kun qajeeltoo bu'uura waliigaltichaa ta'uu ifatti kaa'ameera. Bu'uura waliigaltee kanaatin biyyootni tumaalee daddabarsa qabeenya bu'aa malaammaltummaa ittisan akka qabaatan 150, sirna biyyootni qabeenyi jalaa saamame akka deebi'uuf ittiin gaafatan diriirsuu, qabeenya bu'aa malaammaltummaa dhaaluuf qindoomina biyyoota addunyaafi kkf hammateera. Boqonnaan jaha waa'ee deggersa teekiniikaafi odeeffannoo wal jijjiiruu kan tume yoo ta'u, boqonnaan torba waa'ee haala raawwii waliigaltichaa ta'ee; boqonnaan saddeetteffaan tumaalee xumura waliigaltichaa akeekanidha.

Qorattootni: Abdii Tasfaa, Kadir Qaasoo; Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa (ILQSO) Caamsaa, 2015

Dhiibbaawwan bosonoota keenyarra jiru hir'isuuf qoraaniifi ijaarsaaf filannoowwan jiran faayidaarra haa oolchinu!



Fayyaan ijaafi guddinni sammuu keenyaa akka wal qabatu beektuu laata?

Jechi ‘akka qaroo ijaatti’ jedhu agartuun keenya waan qaaliifi kan kunuunsa cimaa barbaaduu ta’u agarsiisa. Iiji qaamota miiraa keenya keessaa isa murteesaadha. Guddinnisaas sammuu keenya waliin walqabata waan ta’eef, iji keenya foddaa sammuu(lens of our brain)dha jechuun, hojiiwwan sammun keenya hojjetuuf iji murteessaa dha.

Sababoonta fayyaa ijaa miidhan

Rakkoon fayyaa ijaa inni guddaan rakkoo umuriin wal-qabatudha. Rakkoon iji jaamuu %80 ta’us, namoota umuriinsaanii shantamaa ol ta’erratti rakkoon kun ni mul’ata. Irra caalaan rakkoo ijaa umuriin walqabatus, namoota umuriin hin dulloomnerratti gonkumaa hin mul’atu jechuu miti. Yeroo tokko tokko ammoo da’imman waggaa tokkorraa kaasee rakkina ijaaf kan saaxilamanidha.

Sababiiwwan rakkina arguu ijaatiif ka’umsa ta’an keesaa moorri ijaa isa guddaadha. Moora ijaa jechuun leensiin ija keenyaa ifa dabarsuu yoo dhadhabu moora ijaa jenna, kunis dhibbentaa shantamaa ol jaamummaaf kan gumaachudha. Isatti aanee ammoo infeekshiniin ijaa kan akka tiraakoomaa, koorniyaa ykn dhibeewwan hanqina nyaataataan walqabatan baay’inaan Itoophiyaa dabalatee biyyoota guddatanirratti argaman keessatti kan mul’atudha. Biyyoonni guddatanis sababa gilaakoomaatiin rakkoo jaamummaaf ni saaxilamu.

Mudoon qaroos(refractive error) sababa biraa fayyaa ijaa miidhuudha. Innis, mudoo qaroo dhiyoofi mudoo qaroo fagoo jedhamuun bakka lamatti qoodama. Ifti gara ijaatti seenu bakka ‘retina’ jedhamurra erga boqoteen booda iji ifa sana fuudhee gara sammuutti dabarsa.

Sammunni xiinxalee akka nuti dandeenyu nu dandeessisa.

Yoo ifti gara ijaa seenu retina irra qaqqabuu hanqate, rakkoo mudoo qaroo fagoo (hyperopia)tu uumama. Kunis, waantota dhiyeenyatti argaman arguuf danqaa uuma jechuun ibsama.

Mudoon qaroo dhiyoo(myopia) ammoo kan uumamu yoo ifti retina fuulduratti hafedha. Rakkoon Mudoo qaroos waantota fageenyarra jiran qulqulleessee arguuf ni rakkisa.

Mudoon qaroo dhiyoo biyyota akka Kooriyaa, Jaappaaniifi Chaayinaatti baay’ee olaanaa yoo ta’u, akka biyya keenyatti ammoo Mudoon qaroo kun rakkoo ijaa daa’immanirratti baay’naan mul’atuudha. Rakkoon ijaa umurii gameessummaafi dullumaatiin walqabatee dhufu(Presbyopia) jedhams. Rakkoon kunis, namoonni yeroo waggaa afurtamatti siqan



dandeettiin wantoota dhiyootti arguusaanii rakkoof isaan saaxila.

Iji keenya dhiyootti arguuf leensiin bocasaa jijjiirata. Kunis, sababii umurii waliin dandeettiin leensii ijaa dhiyootti arguusaa gadi bu’a ykn dhaabaa deemuudha. Akka aadaa ta’ee namni ija gurguddaa qabu akka miidhaginaatti yoo ilaalamu, faallaa kanaa garuu, gurguddinni ijaa sababoota mudooo qaroo dhiyoottiif nama saaxilan keessaa tokko ta’uu akka danda’utu ibsama.

Vidiyoofi tapha gara garaa akkasumas bilbila harkaa (mobile) sa’atii dheeraaf ilaaluunis sababoota keessumaa daa’imman rakkoo qaroo dhiyoottiif saaxiluu danda’an keessaati.

Yeroo ammaas keessumattuu, biyyoota guddatan keessatti mudoon qaroo dhiyoo saffisaan dabalaa jira.Kunis, sababii daa’imman ijollummaan yeroo dheeraaf bilbilaafi taphawwan garaa garaa ilaalaniifi. Kanaafuu, maatiin keessumaa, naannoo magaalaa jiraatan gama kanaan daa’immansaaniif of eeggannoo taasisuu qabu.

Dhibeen qaroo dhiyoo yeroon yaliin barbaachisu yoo hin tasifamneef rakkoo hanga jaamummaaf nama saaxiluu mala. Biyyoota guddataniitti daa’imni tokko guyyaa dhalaterraa eegalee iji isaa ni ilaalama. Biyya keenyaati ammoo xiyyeeffannoon kanaaf kennamu xiqqaadha. Namni tokko rakkina ijaa qabaachuun kan baramu erga guddatee waa arguu dadhabee boodadha.

Iji daa’immanii naannoo waggaa torbaatti guddina waan dhaabuuf, yeroodhaan adda baasuun wallaanuu dhabuun jaamummaa hin fayyine(irreversible blindness) qaqabsiisuu danda’a. Rakkoon mudoo qaroo dhiyoofi fagoo salphaadhumatti yaalamuu kan danda’uufi rakinnichi erga oggeessaan adda ba’een booda salphaatti kanneen leensii ijaa isaan barbaachisuuf ifti salphaatti retina irra akka qubatu gochuun

rakkicha furuun nagaan jiraachuun ni danda’ama.

Eeggannoo ijaaf taasifamuu qabnu.

Nyaata ija keenya gargaaran kan baala magariisaa qaban kanneen akka raafuu, kaarotii, hanqaaquu nyaachuu, Ija keenya boqachiisuu, daqiiqaa digdamaa oliif walitti fufanii waan tokkicha ilaaluun waan ija miidhuuf daaqiiqaa 20 yoo turre al takkaa ammoo bakka biraa ilaaluu qabna.

Kana malees, aduu keessa yeroo deemnu ija keenya eeggachuuf fuullewwan(Sun glasses) jedhaman fayyadamuu. Koompiitara yeroo dheeraaf ilaaluu dhiisuu, tamboo xuuxuu dhiisuu, Irra caalaatti Ogeessa fayyaa bira deemuun yeroo yerootti ilaalamuunis eeggannoo ija keenyaaf taasisuuqabna.

Yeroo dheeraaf kompiitaraafi moobaayila yammuu fayyadamnu eeggannoowwan ija keenyaaf gochuu qabnu

Sadarkaa ifaa(brightness) kompiitara itti fayyadamnuu ifa naannoo keenya jiru waliin akka wal fakkaatutti sirreessuu. Fakkeenyaaf iskiriinii Kompiitaraa fuula keenya duraa akka madda ifaatti ifa baasaa jira taanaan ifisaa ol ka’aadha jechuudha. Dimimissaa’ee jennaanis rakkoodha. Kanaaf ifa naannoo keenyaa waliin wal fakkeessuun murteessaadha.

Yeroo baay’ee yeroo dheeraaf kan barreeffama kan barreessinu yoo ta’e halluun dudduubee barreeffama keenyaa adii, halluun barreeffama keenyaa ammoo gurraacha ta’uun gaariidha. Ija keenya daddafnee ammaa ammaa yoo libsannu gargaarsa guddaa nuuf kenna. Kunis, yoo libsannu qolli ija keenyaa dhangala’aa ija keenyaaf raabsee gogiinsa irraa ittisa. Ija keenya garaa garummaa daqiiqaa 20 gidduutti aara galfachiisaa, daqiiqaa 20 ol walitti fufnee kompiitara ilaaluurra takkaa achi ilaalaa itti deebi’uudha. Kana malees, fuullee ijaa kan kompiitaraaf ta’u (computer eyeglass) tti fayyadamuun gaariidha. Kunis, ija keenyaaf kan ta’u ogeessa yaalaa bira deemuun ilaalamnee bitachuun fayyadamuudhaan ta’uu qaba.

Foddaa yookaan kallattiidhaan gara fuula kompiitara keenyaatti bannee fayyadamuu akka hin qabnetu gorfama. Kun xiyya ifaa alaa dhufu ija keenyatti waan garagalchuuf miidhaa guddaa nurraan ga’a. Iji keenya miidhamee hanga arguu dadhabutti ofirratti ilaaluun barbaachisaa miti. Mana yaalaa deemnee ija keenya yoo xiqqate yeroo dheeraaf Kompiitara kan fayadanu taanaan of ilalluu barbaachisa.

Roobeeraa Qannoo, W/K/M/Magaalaa Dambi Doolloorraa.

Maddi: Toora Weebsaayitii Health advice sitefi BBC irraa kan fudhatame.

Bulchiinsa gaarii mirkaneessuun dagaagina sirna dimookiraasiitiif bu’uura!



Hojiileen misoomaa karoora xiiqiin hojjetamaa jiran badhaadhina maatiifi biyyaa milkeessuu keessatti qooda olaanaa qabajedhame

WKMagaalichaatiin

Bulchiinsa Magaalaa Roobeetti bu'uraaleen misoomaafi qonni magaalaa hooggantoota naannoofi godinichaan tibbana daawwatameera.

Bara kana magaalichatti bu'uraalee misoomaa tajaajila garaa garaaf oolan 44 bajata mootummaafi hirmannaa hawaasaa qarshii miliyoona kuma 231 oliin hojjatamaa akka jiru daawwii kanarratti ibsameera.

Pirojektoota ijaarama jiran keessaa, mana qusannaa harka qalleeyyii 21, utubaa ifaa guddicha daandiirra lamaa, ibsaa tiraafiikaafi sheediiwwan innisheetiivii qonna magaalaa

mirkaneessuu hojjetaman dabalatee pirojektoonni 42 dhuma bara kanaatti eebbifamuun tajaajilaaf banaa akka ta'an daawwii kana irratti ibsameera.

Haaluma walfakkaatuun qonni magaalaa gandoota baadiyaa jalatti argamaniifi mooraa dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa garagaraa keessatti argamanirratti rooba Arfaasaafi Gannaatiin hojjetamaa jiru daawwatameera.

Sadarkaa Pirezidaantiitti Itti Aanaa Hoogganaan Kilaastara Hawaasummaa Oromiyaa Obbo Abdulhakiim Muluu daawwanaa kanaan booda akka jedhanitti,

hojiileen misoomaa magaalichatti hojjatamaa jiran galma badhaadhina maatiifi akka biyyaatti qabamee adeemaa jiru milkeessuu keessatti shoora olaanaa akka qabu ibsanii, kunis cimnee itti fufuu akka qabu dhaamaniiru.

Obbo Abdulhakiim Gumii Tiraanisfoormeeshiinii manneen barnoota magaalichaa dawwachuun barsiisaa qaroo dhabeessa mana barnoota sadarkaa 2ffaa Roobee tokkoof kompitara gumaachaniiru.

Magaalichatti bara kana rooba Arfaasaafi Gannaatiin lafti heektarri kumni 8fi dhibbi 8 fi 38 misooma jira.

Guutuu Oromiyaatti qonnaan . . .

dhugoomsuuf hubannoo cimsuu kan kaayyeffate ta'uus himaniiru.

Leenjiin kunis guyyoota shaniif akka

kennamuufi karoora bara 2017 irrattis kan mari'atamu ta'uun himameera. Mata dureewwan leenjichaas ijaarsa sirnaa, barbaachisummaa ijaarsaafi

badhaadhina maatii kanneen jedhanirratti kan xiyyeeffate ta'uunis hubatameera.

Hojiiwwan karoorsuufi hojiirra . . .

hojii piroojektootaarratti rakkoo waan fiduuf yeroo hafe keessatti sirraa'uu akka qabu dubbataniiru. Furmaannisaas humna galii sassaabuu naannichaa cimsuufi aadaa qusannoo gabbifachuun fayyadamuun akka barbaachisu qaamota dhimmi ilaaluuf kallattiin kennameeras jedhaniiru.

Karoora bajataa bara dhufuutiin hojiiwwan bu'aqabeeyyii ummata fayyadan akka hojjetamaniif manneen hojii naannichaa waliin waltajjii wal hubannoo geggeessaa jirras jedhaniiru-Obbo Tolasaan. Mariin geggeeffamaa jiru kunis, galiifi baasiin, imaammanni mootummaafi karoorawwan hojii mootummaa naannichaa wal duraa duubaan hojiirra kan oolan karaa manneen hojii naannichaa

sadarkaa naannoorraa hanga gadiitti gumeeffamanii jiraniin waan ta'eef, biirichi manneen hojii kana waliin karoora bajataa bara dhufuurratti marii wal hubannaa geggeessaa jiraachuu himan.

Mariin wal hubannoo kunis, bara bajataa 2017f wixinee karoora bajataa manneen hojii qopheeffatanirratti mari'achuun karoora waloorratti hubannoo wal fakkaatu qabachuun hojiiwwan bu'aqabeeyyii faayidaa hawaasaaf oolan akka hojjetamaniif kan gargaarudha jedhaniiru Obbo Tolasaan.

Wixinee karoora manneen hojii waliin ilaaluun kallattiin mootummaa hubatamee dhimmoota iftoomina barbaadanirrattis waliin mari'achuun hubannoo walfakkaataa qabachuun hojiitti seenuuf guddaa

akka gargaarus himaniiru.

Kana malees, iftoomina bajataa uumuu, qaawwa wal hubannaarratti uumamuu danda'u duuchuufi qabeenya naannichi qabu karaa bu'aqabeessa ta'een hojiirra akka oolu taasisuuf kan gargaaru waan ta'eef xiyyeeffannaa guddaadhaan irratti mari'atamaa jiraachuus himaniiru.

Marichi sadarkaa magaalaa aanaatti karaa sektarootaafi qaama hawaasaa hirmaachiseen itti fufuu akka qabu Obbo Tolasaan hubachiisaniiru.

Caasaan sadarkaan jiru ummata hirmaachisuun, hojiilee karoorfamaniifi bajatarratti fedhiifi gaaffiisaa calaqqisiisee hubannoo argachuun hojiirra oolmaasaaf abbummaan akka tumsuu taasifamuu qabas jedhaniiru

Qabeenyaawwan malaammaltummaan . . .

viillaa 53, gamoowwan adda addaa 10 tilmaamni gatii saanii 121,648,918 baasanis dhorkamaniiru. Magaalaa Shaggar kutaa magaalaa Koyyee Faccee keessattis manneen maqaa buqqaatotaatiin seeraan ala qabaman jedhame gama poolisiifi abbaa alangaatiin qorannaan geggeeffamee baay'innisaanii 318 tahan wayita qarshiin tilmaamaman manni tokko qarshii 702,000 baasuu waliigala qar.223,236,000 tahanirrattis himanni banamee galmeen falmii mana murtiirra jiraachuus ragichi ni agarsiisa.

Lafa magaalaa mana jireenyaafi investimantiif oolu M2 530,489.13 osoo caalbaasii wayitaawaan kennamee qarshii 521,468,437 baasuu danda'u dhorkamee qoratamaa jira. Dabalataanis lafti baadiyyaa hektaarri 17 dhorkamee yeroo ammaa hojii fuula dura raawwataman keessatti qorannaarra jirama.

Qabeenya falmiifi tarkaanfii bulchiinsaatiin dhaalamanis qarshiin callaan 517,921,647.6 mootummaafi jaarriyaa ummataatiif akka deebi'u ta'ee jira. Lafti baadiyyaa hektaarri 209.6 ta'u seeraan ala qabatamee tures Harargee Bahaa, Arsii Lixaafi Booranatti) mootummaaf akka deebi'u taasifamuunis taa'eera.

Qabeenyaawwan dhaalaman ilaalchisees, lafa magaalaa mana jireenyaafi investimantiif qabaman M2 1,320,783 liizii xiqqaan osoo kennamee qarshii 1,250,095,279.2 baasan seera qabeessaan gara Baankii lafaatti akka deebi'u tahee jira.

Konkolaataan 2 kan bu'aayakkaatahe falmii murtoo seeraan mootummaan akka dhaalamanis murtaa'ee jira. Manneen Kondoominiyeemii kan mootummaa 5fi kan nama dhuunfaa 4 karaa seera qabeessaan warreen mana hin qabneef, carraan baheeraaf.

Mana waliinii 9 tilmaamnisaanii qarshii 12,419,297.82 tahe ragaa sobaa qopheessuun qabachuun itti fayyadamaa turan qorachuun himatamtoota seeratti dhiyeessuun qabeenya bu'aa yakkaa tahan kunis mootummaafi namoota abbaa mirgaaf akka deebi'an ta'uus ragaan barreeffamaa Biiraa Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaarraa argame ni mul'isa.

Harka keessan saamunaafi bishaaniin yeroo yeroodhaan sirriitti dhiqadhaa!

Bohaartii

Ibsaa Xurunaa

Biyya guyyaa
dhalootaa
haadha
warraa
kabajuun
dirqama itti
ta'e

Biyya odolaa Kibba paasifikitti argamtuufi bal'inaafi baay'ina ummataa baayyee xiqqoo taate Saamo'aa keessatti abbaan warraa guyyaa dhalootaa haadha warraa kabajuun dirqama. Yoo kabajuu dhiisee irra darbe waggootaaf mana hidhaatti darbatamuutu isa eeggata.

Biyyattiitti guyyaa dhaloota haadha warraa kabajuun aadaa qofa osoo hin taane, seeras. Namni yeroo tokko hin kabajiin hafe akeekkachiisaan kan irra darbamu yoo ta'u, irra deddeebiin kan hin kabajiin hafu taanaan garuu adabbii waggootaaf mana adabaatti dabarsuutu isa eeggata.

Saamo'aan bal'ina lafaa iskuweer km 2,831 qabdi. Kana jechuun bal'ina aanaa tokkoo biyya keenyaarraan gadi jechuudha. Lakkoofsa ummataa bara 2021 adeemsifameen baay'inni ummatasheetii 205,557 dha. Kaartaarratti wayita

ilaalamtu mallattoo tuqaa kan fakkaattu biyyattiin qabeenyaa umamaan badhaatuu ta'uusheerraa kan ka'e daawwatootaan filatamtuudha. Dinagdeensheen iurra gudeessi qonnafi qurxummirratti kan hundaa'e ta'us turiizimiirraa galiin argattu salphaa miti.

Biyya odoloota lamarraa hundoofte saamo'aa keessatti cidhaafi guyyaan dhalootaa kabajaa olaanaa kan qabu yoo ta'u, dhimmi maatiifi kabaja haadha warraa akka duudhaa olaanaatti ilaalalama waan ta'eef jaalalaafi kabajini maatii bakka olaanaa qaba. Lammiwwanshee %99 ta'an kan baratanidha. Human elektirikaa haaromfamuufi qilleensarraa kan argattu biyyattiin oomisha qonnaasheefi qurxummii %90 al ergiin fayyadamuun dinagdeeshee deegarti. Guddina dinagdeenis biyyoota addunyaarraa sadarkaa 204^{ffaa}rratti argamti. Haalli nageenyaashees

baayyee amansiisaadha.

Saamaa'oon biyya garba gidduutti argamtu waan taateefi bonnaa ganna magariisa. Fincaa'aawwan mimmiidhagoo, qarqara galaanaa cuquliisaafi dirriiraa galaanaa ilaalamee hin quufamneen badhaate daawwattoonni kumaatamaan lakaa'aman yeroo yeroon bashannanaafi qophii cidhaafi haara galfannaaf jecha ishee filachuun itti yaa'u.

Magaalaa guddoon biyyattii Appiyaas jedhamti. Ummannishee irra jireessi ykn %97 amantaa kiristaanaa kan hordofan wayita ta'u, human ittisaa ofiisheetii hin qabdu. Poolisiin biyyaattii hidhannoo kan hin qabne yoo ta'u, yoo haa;li dirqisiisaan uumame qofa murtoo qaama olaanaa biyyaattiin hidhachuu danda'a. baay'inni poolisiishee akka waliigalaatti 900 hanga 2100 hin caalu.

Godinichatti bara kana dargaggoota kuma
100 ol ta'aniif carraan hojii uumame

Wajjira Kominikeeshinii
Godinaatiin

Godina Wallagga Bahaatti bara kana dargaggoota hojii dhaabeeyyii kuma 100 fi kuma 3 ol ta'aniif carraan hojii uumameera.

Itti Gaafatamaan Wajjira Carraa Hojii Uumuufi Ogummaa Obbo Dabalaa Waggaarii bara kana dargaggoota dhaabbilee barnoota olaanoo irraa eebbifaman dabalatee dargaggoota kuma 100fi kuma 3 ol gurmeessuun hojiilee adda addaa irratti bobbasuu eeranii, dabalataaniis ji'oota sadan dhufanitti karoora addaa qabameen hojii barbaaddota kuma 60 ol ta'an waldaalee gara garaatiin gurmeessuun, liqqi dabalatee haalawwan barbaachisoo biroo mijeessuun, hojiitti galchuuf gophofneerra jedhan.



Aanaa Sibuu Siree Magaalaa Sireettii dargaggoota dhaabbilee barnootaa adda addaarra eebbifaman dabalatee baadiyyaafi magaalaatti hojii dhabdoota kuma 8 fi 500f carraan hojii uumamuu Itti Gaafatamaan Wajjira Carraa Hojii Uumuufi

Ogummaa Aanichaa Obbo Ibsaa Diilnessaa himaniiru.

Dargaggoonni Godina Wallagga Bahaa Aanaa Sibuu Siree carraan hojii uumameef yaada kennaniin, dhaabbilee barnoota olaanoo adda addaarraa kan eebbifamaniifi hojii mootummaatti qacaramuu osoo hin eegiin haala mijataa naannoosaanii jirutti fayyadamuun hojii salphaatti kaappitaala xiqqaan hojjechuu danda'an adda baasanii qaama biraa eeggachuurra carraa hojii ofii uummachuu isaanii himaniiru.

Bara kana hojii dhabdoota kuma100fi kuma 3fi 146 ta'aniif damee koonistiraakshinii, damee Tajaajilaa, Qonnaa, hojii daldaalaafi k.k.f irrattii carraan hojii uumamuusaa ragaan wajjira kana irraa argame kan argisiisu.

Milkaa'inni gama misooma dinagdeetiin galmaa'e bulchiinsa gaarii mirkaneessuutiinis ni dabalama!

16	Kallacha Oromiyaa	Caamsaa 22 bara 2016
Aadde Salaamaawwit Birhaanuu Nagahee Lakk. isaa 806648, Lakk. Galmee S-257 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furii.	Obbo Yunuus Abdoo Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa sabbataa keessatti Nagahee mirriitii Lakk. seerii isaa No 171091 ta’e lafa kaaree meetira 1660 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee mirriitii kana argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame haftee orjinaalaa faayila keessa jiru irraa koppiin mirkanaa’ee kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Shaggar.	Obbo Sooressaa Dachaaasaa mana jireenyaa Magaalaa Maqii ganda Boolee keessatti Kaartaa Lakk. isaa 4086/03/M-2016 kan ta’e maqaa isaaniin galmaa’ee kennameef waan jalaa badeef haftee jiru irra akka kennamuuf nu gaafaataniiru. Kanaafuu, namni ragaa kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee kaasee guyyaa 20keessatti akka deebisuu. kana ta’uu baannaan hafteen kan keessummeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafa Magaalaa Maqii.
Obbo Tsaggaayee Wandaafiraash Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee Lakk. 213810 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan	Obbo Alamaayyoo Wuddinehiitiif Bakka jiranitti Himataan Obbo Mootii Addunnaafi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 4:00 irraatti akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa walmaraa.	Obbo Huseen Abarraa Nagahee Lakk. isaaa 435307 ta’e Maqaa Obbo Lammaa Dirribsaatiin Alamuutiin galmaa’ee kennameef waan na jalaa badeef ragaan bade kun bakka bu’ee akka kennamuuf Waajjiraa keenyaa gafataaniiru.Kanaafuu namni mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee hanga guyyaa 30tti yoo dhiyaachuu baatee ragaa bade kan bakka bu’ee jedhuu kana kenninuuf ta’uu ni beekifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.
Obbo Tsaggaayee Wandaafiraash Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee Lakk. 0040329 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan	Obbo Fiqaaduu Immiruutiif Bakka jiranitti R/Himataan 1^{ffaan} Obbo Dabalaa Ittafaa 2^{ffaan} Roomee Ittafaafi R/Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 23/09/2016 sa’aatii 4:30 irraatti akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Buraayyuu.	Obbo Asaaminawu Tashoomaatiif Bakka jiranitti Himataan Kabbabuu Waaqumaafi Himatamaan isin jidduu falmii jeequmsaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 4:00 irraatti akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Walisoo.
Obbo Gaaddisaa Damisee Nagahee Lakk. Isaa 2182420 ta’eefi Nagahee Lakk. isaa 2946116 ta’e na jalaa badeera waan jedhaniif, qaamni nagahee kana sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 10 keessatti yoo deebisuu baate nagaheen kun tajaajila kamiyyuu kan hin kennine ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Muka Xurrii.	Obbo Yoohaanis Balaayyiitiif Bakka jiranitti Himattuun Aadde Almaaz Nuguseefi Himatamaa isin jidduu falmii qabiyyee himannaa lafa mana jireenyaa gad-lakkisiisuu jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa isinirratti dhiyaate kutaa ofiseera seeraa mana murtii irraa fudhattanii deebii keessan akka dhiyeeffattan ta’ee, ykn guyyaa beellamaa dhiyaattanii jijjiirraa beellamaa yoo barbaaddan akka gaafatan beeksisaa, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii kennachuu keessanii bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu beektanii beellama gaafa 23/09/2016 sa’aatii 5:00 akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.	2^{ffaa} Obbo Takiluu Addunyaatiif Bakka jiranitti Himattuun Askaalaa Mazilqaa fi Himatamaa isin jidduu himannaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa iosinirratti dhiyaate karaa kutaa O/ seeraatiin fudhattanii beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 4:00 irraatti deebii keessan barreeffamaan qopheeffattanii akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Walmaraa.
Aadde Bilisummaa Salamoon Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee duraa Lakk. 205318 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan	Obbo Abdurahamaan Adamiitiif Bakka jiranitti Himataan Obbo Taajuddiin Yuusuuf Abdii fi Himatamaan Waldaa Hojii Gamtaa Jimaa Hundee Lammii fi Jidduu Lixxoonni 1^{ffaa} Obbo Taajuddiin Shifarraawu 2^{ffaa} Abdurahamaan Adama 3^{ffaa} Ahimad Ibraahiim jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee himatamaan ykn jidduu lixaan 2ffaan kun mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 8:30 irraatti akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan dhimmichi iddoo isin hin jirretti kanilalamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.	Iyyataan Obbo Haabtaamuu Fayyisaafi R/ Himataan Obbo Baahiruu Fayyisaa jidduu falmii jiru ilaalchisee waamamaan ykn Raawwidhaan Himataan Obbo Baahiruu Fayyisaa Tumsaa jedhamurratti gama iyyataa ammaatiin murtiin raawwiidhaaf ka’umsa ta’e waan diigameef qabeenyaa raawwiidhaan na harkaa fuudhamee ture na harkatti akka deebi’u iyyanni jedhu kan irratti dhiyaate ta’uu beektanii beellama gaafa 27/09/2016 sa’aatii 4:00irratti akka dhiyaattan manni murtii ajajeera.M/M/A/Sulultaa.
Obbo Wandimmuu Balaayinah Bulchiinsa Magaalaa Shaggar kutaa Magaalaa Galaan keessatti mana jireenyaa kenname Nagahee duraa Lakk. 205319 maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef Orijinaalli isaa na jalaa bade jedhanii iyyataniiru.Kanaafuu namni nagahee armaan olitti tuqamee argee ykn sababa adda addaatiin qabadheera jedhu,beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti qaama dhimmi ilaaluf akka deebisu,yoo kun ta’uu baate kana duranii akka badeetti lakkaa’ame footoo koppiin Orijinaalaa kan kennamauuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Kaaddasteraa Kutaa Magaalaa Galaan	Aadde Xurunesh Dabbabaatiif Bakka jiranitti Oliyyataan Obbo Salamoon Amaaraafi Deebii kennituu isin jidduu falmii waa’ee jeequmsi nurraa haa dhabbatu komii jedhu jiru ilaalchisee komiin olyyataan dhiyeeffate ni dhiyeessisa waan jedhameef mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/09/2016 sa’aatii 8:00 irraatti akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, dhiyaachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti gaggeeffamee murtii kan kennamau ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Adaamaa.	Obbo Abbitii Qawweettii mana jireenyaa Magaalaa Baatuu ganda M/Waafiiqoo keessatti argamu waraqaa abbaa qabeenyummaa Lakk.Kaartaa isaa 092C/329/2014 ta’een galmaa’ee kenname waan na jalaa badeef kan biraa bakka buufamuun akka naaf kennamau jechuun gaafataniiru. Kanaafuu waraqaa abbaa qabeenyummaa kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadhe jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahe irraa kaasee guyyaa hojii 20 keessatti yoo dhiyaachuu baate waraaqaa abbaa qabeenyummaa kan biraa kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Baatuu.

Aadde Saadiyaa Hasan Nagahee iddoo mana jireenyaa Lakk.isaa 496288 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera waan ta’eef kan biraa bakka bu’ee naaf haa kennamu jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu namni nagahee kana arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Duukamitti yoo hin dhiyaatiin abbaa qabeenya kanaaf tajaajila barbaaddan nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Duukam Damee Kaadaasteraa.

Obbo Tafarii Magarsaa Nagahee Lakk. isaa 032748, Lakk. Galmee T-940 ta’een galmaa’ee naaf kenname na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Obbo Faantaahuun Mokonninitiif

Bakka jiranitti

Himataan Baankii Hojii Gamtaa Oromiyaa fi Himatamaan isin jidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/09/2016 sa’aatii 6:00 irraatti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan ta’ee, yoo kan hin dhiyeeffanne ta’e mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keessan kan bira darbamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Olaanaa Magaalaa Shaggar.

Obbo Taammee Malaakuutiif

Bakka jiranitti

Himattuun Aadde Kuree Misgaanuu fi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 3:30 irraatti akka dhiyyatanii dhimma keessaniif falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Walmaraa.

Aadde Munaa Taaddasee Lammii bakka buutuu seeraa Obbo Girmaa Taammiraat Agunee fi Aadde Alam Gizaachoo Andargee Kaartaa Lakk.isaa BMD-14269/G-02-4082/’00” kan ta’eefi Nagahee Lakk. isaa 0842563 fi 0166291 kan ta’e maqaa Obbo Girmaa Taammiraat Aguneetiin galmaa’ee kennameef na jalaa bade jedhanii Waajjira Lafaa Magaalaa Duukamitti waan iyyataniif,namni ragaalee iddoo mana jireenyaa isaanii kana kan arge ykn sababa adda addaatiin kan qabate yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee irraa kaasee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaatiin abbaa dhimmaa kana nagahee koppiin kan keessumeessinu ta’uu ni beeksifna.Bulchiinsa Magaalaa Bishooftuutti Waajjira Lafaa kutaa Magaalaa Duukam.

Aadde Gannat Saahilee mana jireenyaa Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu Aanaa Horaa keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa 12/06 bali’ina lafa 598M² irratti maqaa Obbo H/Maariyaam Abrahaamiitiin galmaa’ee jiru waan jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, qamni idaadhaan ykn dhimma biraatiin qabdheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyaa 21 keessatti akka deebisuufi qaamaan dhiyaatee akka beeksisu, ta’uu baannan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu.

Dhaabbata Haansan Agriculture PLC Magaalaa Bishooftuu Kutaa Magaalaa Dhibaayyuu Aanaa Dhakkaa Booraa keessatti argamu Lakk.Kaartaa isaa BI/13976/09 bali’ina lafa 70273M² irratti maqaa dhaabbata kanaan galmaa’ee jiru waan nu jalaa badeef kan biraa akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu, qamni idaadhaan ykn dhimma biraatiin qabadheera jedhu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahe irraa eegalee guyyaa 21 keessatti akka deebisuufi qaamaan dhiyaatee akka beeksisu, ta’uu baannan kaartaa kan biraa bakka buufnee kan kenninuuf ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Magaalaa Bishooftuu.

Qumnagar Kabbadaa Hayilee Kaartaa Lakk. isaa S/1711/2001 ta’eefi Nagahee Lakk. isaa 1891602, Lakk. Galmee Q-446 ta’een galmaa’ee Faayilli mana Galmee Waajjira Lafaa keessa jiru yeroodhaaf bakka irraa argamuu waan hin dandeenyeef faayila kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, Kaartaa kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Furi.

Aadde Firhiyoot Waaqayyoo Nagahee Lakk. isaa 0711110 ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee kennameef na jalaa badeera jedhanii iyyataniiru. Kanaafuu nagahee kana namni arge ykn sababa adda addaatiin qabadheera kan jedhu yoo jiraate, guyyaa beeksifni kun bahee eegalee guyyaa 30 keessatti tooftaa kaminuu yoo beeksifachu baate, nagahee kan biroo baafachuu kan danda’an ta’uu ni beeksifna. Waajjira Lafaa Kutaa Magaalaa Galaan Guddaa.

Aadde Iskadaar Daargeetiif

Bakka jiranitti

Himataan Dhaabbata Faayinaansii Vizhiin Fandii fi Himatamtuu isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellamaan dura himannaa isinirratti dhiyaate karaa kutaa O/Seeraa mana murtii Magaalaa Bishooftuurraa fudhattanii mormii yoo qabaattan beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 5:00 irraatti akka dhiyyatanii hayyamsiisa gaafattan ta’ee, kan hin dhiyaanne yoo ta’e bakka isin hin jirretti ilaalamee murtiin kan kennamu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/Magaalaa Bishooftuu.

Obbo Tashoomaa Abarraatiif

Bakka jiranitti

Himattuun Aadde Baqqalech Mulataa fi Himatamaa isin jidduu falmii dhaalaa jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 8:00 irraatti akka dhiyyatan ta’ee, dhiyaachuu baannaan falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Gafarsa Gujee.

Obbo Taammiruu Fayyisaa waraqaan ragaa abbaa qabiyyummaa lafaa magaalaa Shanoo ganda Odaa Kunii keessatti argamuu lakk.isaa 125/2006 ta’e na jalaa badeera jedhaniiru. Namni waraqaa raga kana sababa adda adddaatiin qabadheera jedhu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessaatti yoo hin dhiyeessine kaartaan biraan hojjetamee kan kennamuuf ta’uu beeksifna. W/L/M/ Shanoo

Aadde Warqinesh Dajaneetiif

Bakka jiranitti

Himataan Obbo Muktaar Abdulqaadiriifi Himatamtuu isin jidduu falmii qarshii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 28/09/2016 sa’aatii 5:00 irraatti akka dhiyyatan deebii keessan kennitan ta’ee, dhiyaachuu baannaan mirgi deebii kennachuu keessan bira darbamee falmiin bakka isin hin jirretti kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Boolee.

Obbo Salamoon Tolaatiif
Bakka jiranitti
Himattuun Aadde Birquu Raggaasaafi Himatamaa isin jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii kutaa O/seeraa seeraatti dhiyaattanii himannaafi deebii fudhachuudhaan beellama gaafa 26/09/2016 sa’aatii 3:30 irraatti deebii keessan barreeffamaan akka dhiyeeffattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Walmaraa.

Obbo Abbabaa Taaddasaatiif

Bakka jiranitti

Himataan Suraafeel Asaffaafi Himatamaa isin jidduu falmii waliigaltee jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 8:00 irraatti himannaa isinirratti dhiyaateef deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan manni murtii ajajeera.M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Duukam.

Obbo Damisoo Hayiluu Geelleetiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Dhaabbata Inshuraansii Itoophiyaafi Himatamaan isin jidduu falmii siivilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii dhiyaachuun waraabpii himannaa kee karaa mana galmee fudhattee deebii kee barreeffamaan qabatee beellama gaafa guyyaa 27/09/2016 sa’aatii 5:00 irratti akka dhiyaattu, yoo hin dhiyaanne ta’e bakka isin hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Ol’aanaa Magaalaa Adaamaa.

Obbo Yoonaas Hayileetiif

Aadde Fayyisaa Shifarraatiif

Bakka Jirtanitti

Himataan Obbo Birruu Fufaafi Himatamtoonni Obbo Yoonaa

s Hayilee faa N-2 jidduu falmii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 27/09/2016 sa’aatii 3:30 irratti dhiyaachuun deebii keessan akka kennattan kan hin dhiyaanne yoo ta’e dhimmi isaanii bakka isaan hin jirretti kan ilaalamu ta’uu manni murtii ajajeera. M/M/Aanaa Kutaa Magaalaa Malkaa Noonnoo.

Wallagga

Iyyataan B/Bu’aa Aadde Tsahaay Abbiyyuu kan ta’an Obbo Abdulzamad Deetanoo kan jedhaman mana daldaalaa magaalaa D/Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 12823/WBIFLM/2013 ta’eef bal’inni isaa 441.25M² irratti kan argamu maqaa Aadde Tsahaay Abbiyyuutiin galmaa’ee kan beekamu irraa qoodanii mana daldaalaa bali’inni lafaa 80M² irratti Obbo Abdulzamad Deetanootti gurguruun gara maqaa bitataatti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

Bakka Bu’aa Obbo Huseen Ibraahiim kan ta’an Obbo Jamaal Huseen kan jedhaman mana daldaalaa magaalaa D/Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 15681/WI/2015 ta’eef bal’inni isaa 20M² irratti kan argamu irraa qoodanii balina lafaa hafe 10M² maqaa Obbo Huseen Ibraahiimitiin galmaa’ee kan beekamu Obbo Mogos Hayiluutti gurguruun gara maqaa bitataatti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

18	Kallacha Oromiyaa	Caamsaa 22 bara 2016
Bakka bu’aa Obbo Dirribaa Adinoo Disaasaa fi Aadde Dinqinesh Taammanaa Baqqalee kan ta’an Obbo Caalaa Takkaa Maammoo kan jedhaman mana Jirrenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 14476W/L/ D/D/2015 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa Obbo Dirribaa Adinoo Disaasaatiin galmaa’ee beekamu Obbo Addisuu Kumarraa Qadiidaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.	Obbo Usumaa`el Alqaadir Abdallaa jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda ... keessatti bal`ina lafaa 232m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/02/391/2016 ta’e Obbo Bulaa Tolasaa Irranaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Aadde Sannaayit Namarraa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 02 keessaa qaban ballinnisaa M² 400, lakk. kaartasaa MJ/5752/012 ta’e Abdii Baqqalaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne gurgurtaan ni hayyamamaaf.W/Lafaa Magaalaa Mandii
Bakka bu’aa Obbo Darribawu Raddaa fi Aadde Innaannuu Nugusee kan ta’an Obbo Yohaannis Mararaa kan jedhaman mana Jirrenyaa Magaalaa D/Dolloo ganda Biiftuu keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 6762/WMMLM/07 ta’e bali`inni lafa isaa kaaree meetira 200M² irratti maqaa Obbo Darribawu Raddaatiin galmaa’ee beekamu Obbo Yooseef Ayyaanaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa D/Doolloo.	Aadde Kadijaa Abiraayim Kadiir jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal`ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/1159/2013 ta’e Aadde Kuulanii Geetahuunitti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Yeroosis Maaramaa mana jireenyaa magaalaa Mandii ganda 01 keessaa qaban ballinnisaa M² 400, lakk. kaartasaa mana jireenyaa/4917/2012 ta’e Aadde Suudii Sulxaaniif kennuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti yoo hin dhiyaanne kennichi ni hayyamamaaf.W/Lafaa Magaalaa Mandii
Obbo Abdii Kaasahuuniitiif Bakka jiranitti Himataan Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Teelekoom Distiriiktii Lixaa dubbii fixaan Obbo Alamuu Warquu fi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:15 irraatti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keesan bira darbamee bakka isin hin jireetti battalumatti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Qellem Wallaggaa.	Aadde Solomee Gaaddisaa jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/133/2007 ta’e Obbo Sanbattoo Guutaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Malaakuu Asaffaafi Bazzaabbish Mulugeetaa mana jireenyaa magaalaa Bubbee ganda 02 keesatti argamu lakk. kaartasaa 941/BMB/2016, ballinnisaa M²200 ta’e Maskaram Kadiritti gurguranneerra jedhaniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/Magaalaa Bubbee
Obbo Abdii Kaasahuuniitiif Bakka jiranitti Himataan Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Teelekoom Distiriiktii Lixaa dubbii fixaan Obbo Alamuu Warquu fi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:15 irraatti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keesan bira darbamee bakka isin hin jireetti battalumatti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Qellem Wallaggaa.	Obbo Jabeessaa Shiilashii jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/664/2010 ta’e Obbo Bantii Gammachuutti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii	Iyyattuun Addunyaa Qannaa kan jedhamtu abbaan manaa kookoo manaa bahee deebi’ee galuu waan dideef murtiin badiisaa akka naaf kennamu jettee iyyata waan dhiyeeffatteef waamamaan bakka jirtanii beellama gaafa 21/09/2016 sa’aatii 4:00tti dhaddacha siiviliitti akka dhiyaattan isin beeksisa Mana Murtii Aanaa Magaalaa Naqamtee.
1^{ffaa} Obbo Milkiyaas Bayyanaatiif 2^{ffaa} Obbo Mulaatuu Bayyanaatiif Bakka jiranitti Himataan Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Teelekoom Distiriiktii Lixaa dubbii fixaan Obbo Alamuu Warquu fi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:30 irraatti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keesan bira darbamee bakka isin hin jireetti battalumatti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Qellem Wallaggaa.	Obbo Dabalaa Tolaa Riqituu mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 01 keessatti bal`ina lafaa 200m2 irratti argamu lakk. kaartaa isaa GK/01/744/2011 ta’e Obbo Zarubaabel Dabalaa Tolasaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Iyyata murtii badiisaa iyyataan Mulaatuu Abdiisaa Girjii fi barbaadamtuu Amalawarq Abarraa Charinnat gidduu jiruuf waamamtuun gaafa 23/09/2016 sa’aatii 4:00tti akka dhiyaattu ajajeera Mana Murtii Aanaa Gimbii.
Obbo Mulugeetaa Taddasaatiif Bakka jiranitti Himataan Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Teelekoom Distiriiktii Lixaa dubbii fixaan Obbo Alamuu Warquu fi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:15 irraatti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keesan bira darbamee bakka isin hin jireetti battalumatti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Qellem Wallaggaa.	Obbo Amaanu’eel Rundee mana jireenyaa magaalaa Qaaqee ganda 01 keessatti argamu lakk. kaartasaa 734WBIFLMQ, bal`innisaa M² 500 Aadde Likkituu Magarsaatti gurguranii maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate beeksifi kun bahee guyyaa 20 keesatti haa dhiyaatu.WBIFLM /Qaaqee	Aadde Shiibirree Tarrafaa kan jedhaman mana dhuunfaa isaanii lakk.isaa 1384 ta’e Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa ---- ta’e bali`ina lafaa ---- irratti argamu Obbo Iddoosaa Bantii waliin qaban dabarsanii Obbo Taarikuu Tasfaayeetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.
Obbo Mulugeetaa Taddasaatiif Bakka jiranitti Himataan Waldaa Aksiyoonaa Hiddaasee Teelekoom Distiriiktii Lixaa dubbii fixaan Obbo Alamuu Warquu fi Himatamaan isin jidduu falmii siviilii jiru ilaalchisee mana murtii kanatti himatamuu keessan beektanii beellama gaafa 30/09/2016 sa’aatii 4:15 irraatti deebii keessan barreeffamaan qabattanii akka dhiyyatanii falmattan ta’ee, yoo dhiyaachuu baattan mirgi deebii barreeffamaa dhiyeeffachuu keesan bira darbamee bakka isin hin jireetti battalumatti falmiin kan itti fufu ta’uu manni murtii ajajeera.M/M/O/G/Qellem Wallaggaa.	Aadde Eebbisee Fiqaaduu mana jirreenyaasaanii magaalaa Biilaa ganda 02 keessaa qaban lakk. kaartasaa 0248 ta’e Ifaa Tolaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. W/L/ B/M/Biilaa	Obbo Maatiwoos Abaataa Galataa Magaalaa W/Jirruu ganda 01 keessatti argamu Lakk.isaa 2625 ta’e lakk.kartaa isaa ---- kan ta’e bali`inni lafa isaa karee meetira 260M² irratti argamu dabarsanii Obbo Geetahuun Abdiisaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.
Obbo Mudasir Alqaadir Abdallaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 232M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/02/392/2016 ta’e Obbo Bulaa Tolasaa Irranaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Obbo Iyyaasuu Moosisaa mana magaalaa Aayiraa keessaa qaban lakk. isaa 1816/2003 lakk. kaartasaa 1337/WBIFLM/15 ta’e Gammachiis Takileetti gurguradheera waan jedhaniif Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keesatti haa dhiyaatu.WBIFLM /Magaalaa Aayiraa	Aadde Zannabech Taaffasee Fufaa Magaalaa W/Jirruu ganda 04 keessatti argamu Lakk.isaa --- ta’e lakk.kartaa isaa 4552/2015 kan ta’e bali`inni lafa isaa karee meetira ---- irratti argamu dabarsanii Obbo Eebbisaa Tarfaasaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.
Obbo Mudasir Alqaadir Abdallaa mana jireenyaa Magaalaa Gidaamii ganda 02 keessatti bal`ina lafaa 232M2 irratti argamu lakk. Kaartaa isaa GK/02/392/2016 ta’e Obbo Bulaa Tolasaa Irranaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate beeksifni kun ba’ee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Gidaamii.	Obbo Beekumaa Gammadaa mana magaalaa Aayiraa ganda 01 keessaa qaban lakk. isaa 261/82 ta’e Qannoo Beekumaatiif kenneera waan jedhaniif Kan mormu yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keesatti haa dhiyaatu.WBIFLM /Magaalaa Aayiraa	Aadde Hambisee Dhugaasaa Magaalaa W/Jirruu ganda 01 keessatti argamu Lakk.isaa 1383 ta’e lakk. kaartaa isaa 550/WLMJ/2016 kan ta’e bali`inni lafa isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Daani’eel Dhugaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa W/Jirruu.

Aadde Abarrash Taaddasaa Lamuu mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessaa qaban kaartaa Orijinaalli isaa ragummaaf nuuf kenname lakkoofsi isaa 4156/2014 gaafa 24/05/2014 kan ta’e maqaa isaaniitiin galmaa’ee jiru na duraa badeera jechuun iyyataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20k eessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Aadde Dirribee Abbashuu Qumbii mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. mana haaraa --- ta’ee lakk. Mana durii --- fi Lakk. Kaartaa 4964/2016 kan ta’e Obbo Gammachiis Kitilaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Aadde Oginash Raggaasaa Tuuchoo mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. mana haaraa --- ta’ee lakk. Mana durii --- fi Lakk. Kaartaa 4555/2015 kan ta’e Obbo Abdiisaa Eebbaa Ittaanaatti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Ballinaa Namarraa Galataa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 04 keessaa qaban Lakk. mana haaraa --- ta’ee lakk. Mana durii --- fi Lakk.Kaartaa 680/2006 kan ta’e Aadde Baaccuu Yaadataa Jaafarootti karaa bakka bu’aa isaanii Obbo Gaarii Namarraa Galataa gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Rattaa Tarfaasaa mana jireenyaa Magaalaa Najjoo ganda 01 keessaatti argamu Lakk.Kaartaa 99/ BMN/06/89 kan ta’e kaartaa Orijinaalli isaa najalaa badeera waan jedhaniif kan biraan bakka bu’ee akka kennamuuf gaafataniiru. Kanaafuu kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Najjoo.

Obbo Masfiin Olaanaa Waaqtolaa mana jireenyaa Magaalaa Goorii ganda 01 keessaa qaban Lakk. mana haaraa --- ta’ee lakk. Mana durii --- fi Lakk. Kaartaa 143/M/L/M/Goorii/2011 bal’ina lafaa karee meetira 200M² kan ta’e Obbo Indaaluu Anishuu Jannootti gurgurachuu waan barbaadaniif kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Goorii.

Balaay Gadaa Yaadataa fi Dinqinash Taarraqaa fa’a mana Magaalaa Bubbee ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaan isaa 914/BMB/2016 ta’e bali’inni isaa --- irratti argamu dabarsanii B/S Habtaamuu Bashaa Hagaa fi Zufaanee Farris Guutamaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Bubbee.

Aadde Ababaayee Yaadataa mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 1308 ta’e bali’inni isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Lateeraa Solomoontti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Aadde Burtukaan Abbabee mana jireenyaa Magaalaa Gullisoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.isaa 1042 ta’e bali’inni isaa karee meetira 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Degeraa Solomoontti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Gullisoo.

Obbo Asaffaa Addunyaa mana jireenyaa Magaalaa H/Sabbuu ganda 01 keessatti argamu Lakk.kaartaa isaa 911/BIFLMQHS/2014 ta’e bali’inni isaa 200M² irratti argamu dabarsanii Obbo Teessoo Dibaabaatti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 21 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa H/Sabbuu.

Obbo Qannaa Taaddasee Waggaa mana Daldalaa Magaalaa Qaaqee ganda 01 keessaa qaban Lakk. Kaartaa isaa 157/M/L/M/Q ta’e bali’inni lafa isaa 40M² irratti argamu Orijinaalli isaa waan na jalaa bade jedhanii iyyataniif namni sababa gargaraan qabatee kan yoo jiraate beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu. Waajjira Lafaa Magaalaa Qaaqee.

Iyyattootni 1. Aadde Almaaz Ayyaanaa 2.B/S Alamuu Ayyaanaa 3. Obbo Abdiisaa Ayyaanaa Bakka Bu’aa Asaffaa Ayyaanaa kan ta’an mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu lakk.kaartaa isaa 798/B/L/95 ta’e bal’inni isaa 2380M² irratti kan argamu maqaa Duutuu haadha isaanii Aadde Waqetee Kumsaatiin galmaa’ee kan beekamu dhaaltummaan gara maqaa Obbo Asaffaa Ayyaanaatti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

B/Bu’aa Obbo Obsaa Dheeressaa Goosaa kan ta’a Obbo Hundee Tasfaayee Julee kan jedhaman mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Yabaloo keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 16341/WL/2016 ta’e bal’inni isaa 485.5M² irratti kan argamu maqaa Obbo Obsaa Dheeressaa Goosaiin galmaa’ee kan beekamu Obbo Hundee Tasfaayee Juleetti gurguruun gara maqaa bitataatti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

Obbo Zalaalam Mangistuu Amaaree dhaala Abbaa isaanii Obbo Mangistuu Amaaree fi Haadha isaanii Aadde Ilfinash Ambassee kan ta’a akkasumas bakka bu’aa dhaaltotaa 1. Obbo Taaddasee Mangistuu, 2. Yirgaa Mangistuu fi 3. Aadde Tsahaay Mangistuu kan ta’an mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Laaftoo keessatti argamu kan lakk.kaartaa isaa 6461/EMMLM/07 ta’e bal’inni isaa 372M² irratti kan argamu maqaa du’aa abbaa isaanii Obbo Mangistuu Amaareetiin galmaa’ee kan beekamu dhaalaan gara Obbo Zalaalam Mangistuu Amaareetti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

B/Bu’aa Obbo Musxafaa Abdiisaa fi Aadde Assammaash Zallaqee kan ta’an Obbo Mahaammad Amiin Naasir kan jedhaman mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu kan lakk. kaartaa isaa 10634/WMLM/10 ta’eef bal’inni isaa 228.12M² irratti kan argamu maqaa Obbo Musxafaa Abdiisaa Hurcuutiin galmaa’ee kan beekamu Obbo Mahaammad Amiin Naasirtti gurguruun gara maqaa bitataatti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

B/Bu’aa 1. Geetahuun Namarraa Igguu 2. Yooseef Namarraa Igguu 3. Abiraaham Namarraa Igguu 4. Yisiyaaq Namarraa Igguu 5. Ababaayee Namarraa Igguu 6. Yersaalem Namarraa Igguu 7. Lalisee Namarraa Igguu fi 8.Waajiraa Qana’aa Teebboo kan ta’an Obbo Yooseef Namarraa Igguu kan jedhaman mana jireenyaa magaalaa D/Doolloo ganda Biiftuu keessatti argamu lakk.kaartaa isaa Bu/La/1106/2000 ta’eef bal’inni isaa 500M² irratti kan argamu maqaa Obbo Namarraa Igguutiin galmaa’ee kan beekamu bu’uura dhaaltummaa manni murtii murteesseen Aadde Waaqedhee Qana’aa Teebboo niitii du’aa abbaa warraa isaanii ta’uu isaanii fi namoota maqaan isaanii olitti ibsame dhaaltota sadarkaa duraa abbaa isaanii ta’uu erga mirkaneessanii booda faayilli maqaa abbaa isaaniitiin jiru gara maqaa Obbo Yooseef Namarraa Igguutti akka jijjiiramu gaafatanii jiru. Kanaafuu, dhimma kana kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun bahee jalqabee guyyoota 20 keessatti dhorkaa haa dhiyeeffattu Waajjira Lafaa Bulchiinsa Magaalaa Dambi Doolloo.

Aadde Geexee Guddinaa kan jedhaman mana dhuunfaa isaanii lakk.isaa 0085 ta’e Magaalaa Innaangoo ganda 02 keessatti argamu Lakk.Kaartaa ---- ta’e bali’ina lafaa ---- irratti argamu Qananii Kumarraawaliin qaban dabarsanii Dassaalee Baqqaleetti waan gurgurataniif maqaan akka jijjiiramuuf gaafataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20 keessatti haa dhiyaatu.Waajjira Lafaa Magaalaa Innaangoo.

Obbo Charuu Tajii mana Magaalaa Begii ganda 01 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 719/2016 kan ta’e bali’ina lafaa 500M² irratti argamu Obbo Alamaadii Muudasiritti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Begii.

Obbo Kumarraa Bakaree mana Magaalaa Begii ganda 02 keessatti argamu Lakk. Kaartaa isaa 723/2016 kan ta’e bali’ina lafaa 500M² irratti argamu Obbo Geetaahuun Galataatti waan gurgurataniif jijjiirraan maqaa nuuf haa raawwatu jedhanii iyyataniiru. Kan mormu yoo jiraate, beeksifni kun bahee guyyaa 20keessatti haa dhiyaatu.yoo dhiyaachuu baate jijjiirraa maqaa kan kan raawwannuuf ta’uu ni beeksifna.Waajjira Lafaa Magaalaa Begii.

Bakka Bu’aa Aadde Shuwaayyee Maanneefi Obbo Yaasin Mahaammad kan ta’an Aadde Yersaalem Maannee mana jireenyaa magaalaa Dambi Dolloo keessatti argamu kan Lakkoo. Kaartaasaa 14505/WL/2016 ta’e bal’ina lafaa 200m2 irratti maqaa Aadde Shuaayyee Maanneetiin galmaa’ee beekamu Obbo Maatiwoos Mangashaatti gurguruuf waan waliigalaniif kan mormu yoo jiraate guyyaa beeksifni kun baherraa jalqabee hanga guyyaa 20 keessatti dhiyaatee dhorkaa haa dhiyaaffatu. Waajjira Lafa Magaalaa Dambi Dolloo





Ispoortii



Yunaayitid bara dhufu waltajjii Awurooppaarratti ni hirmaata

Maanchister Yunaayitid shaampiyoonaa 'FA Cup' ta'uusaatiin hirmaannaa waltajjii Liigii Awurooppaa mirkaneeffateera.

Bara dorgommichaa gahumsa gadi aanaa seenaa kilabichaa keessatti dadhabaadha jedhame kan agarsiise Yunaayitid garee Peepe Gaardiyoolaa shaampiyoonaa Piriimiyeer Liigii Ingilaandiin injifachuun dhumatti injifannoo gonfachuun deggartootasaa waggaa guutuu mufatan haga tokko qalbii gammachuu itti horeera. Injifannichimmoo masaanuusaanii yeroo maraa kan ta'e Maachister Siitiirratti ta'uunsaa injifannicha hiikkoo guddaa kan gonfachiisudha.

Piriimiyeer Liigiin gahumsa gaariirra kan ture gareen Edii Haawu Niwukaastil Yunaayitid bara dorgommichaa boqonnaan dura cimina qabuun boqonnaa booda itti fufuu dhabuusaatiin sadarkaa 7ffaana xumuruuf dirqameera. Kanaanis hirmaannaa waltajjii awurooppaa isa dhumaa mirkaneeffachuuf carraan qabu ture Yunaayitid 'FA cup' shaampiyoonaa ta'uusaatiin carraa argatee ture dhabeera.

Cheelsiin ammoo hirmaannaa Awurooppaa Liigiirraa gara Koonferens Liigiitti gadi siquuf dirqameera. Haa ta'u malee taatee kanaan booda gageessitoonni kilabichaa hirmaannaa kana keessaa ala of baasuu danda'u oduun jedhu bal'inaan dhagaa'amutti argama. Kilabichi dorgommicharratti hitmaachuuf fedha hin qabu taanaan utuu yeroon dorgommichaa hin gahiin dursee beeksisuun keessaa of baasuu ni danda'a.

Gareen Eriik Teenhaag Piriimiyeer Liigii sadarkaa 8ffaana xumuruun carraa hirmaannaa waltajjiwwan dorgommii awurooppaan ala ta'ee turus carraa dhumaa qabutti gargaaramuun gara carraa hirmaannaa kan gonfate. Kilaboonni sadarkaan isa caalanii xumuran shaampiyoonaa ta'uusaatiin wal qabatee jalaa siquunf kan dirqaman.

Kilaboonni awurooppaa hedduun xumura dorgommii bara kanaan booda leennistootaanaa waliin adda bahaniiru. Kilaboonni qabxii gaarii gaarii galmeessisan osoo hin hafiin leenjistootaanaa wayita gaggeessan Yunaayitid bara kana gahumsa gadi aanaa agarsiisus ammatti leenjisa Teenhaag waliin turuufi dhiisuurratti wanti jedhame tokkollee hin jiru.

Leenjisa Bernleeyi ta'uun waggaa tokko qpofaaf Piriimiyeer Liigii keessa kan ture Viinseent Koombaaniin leenjisa muuxannoo



*Maanchister Siitii
Arsenaal
Liiver Puul
Astoon Viilaa*

olaanaafi gahumsa qaban Toomaas Tuheeliin bakka bu'uun leenjisa Baayer Muniik ta'uu danda'eera.

Leenjisaan garee biyaaaleessaa Jarmaniifi kilaba Baayer Muniik duraanii Haansii Fiiliik ammoo Xaavii bakka bu'uun Baarseloonaa leenjisuuf walii galaniiru. Cheelsiin leenjisa Leesister Siitii turtii waggaa tokkoo booda gara Piriimiyeer Liigiitti deebisan Enzo Moreeskaa kontiraata waggaa shanii yoo mallatteessifatu, Naappoliin Antooniyoo Koontee 'Ac Miilaan' Paawuloo Foonseekaa waliin waliif galaniiru.

Bara dorgommii xumurame kanatti Cheelsiifi Baayer Muniikii kan gaggeeffaman Poochetiinoofi Toomaas Tuheel torbee kana booda tokkoonsaanii waamichi Maanchister Yunaayitidirraa isaan qaqqabuu danda'a jedhameeti eegama.

Leenjisaan cimaa addunyaa keenyaa yeroo kanaa Jooseef Peep Gaardiyoolaan kana booda turtii waggaa tokkoo qofa Itihaadiin akka turan kan beekame yoo ta'u, eenyuutu bakka isaanii bu'uun olaantummaa kilabichaa itti fufsiisuu danda'a jedhu gaaffii guddaa ta'ee itti fufa.

Piriimiyeer Liigii Ingiliz bara 2024/25 ji'a lama booda eegalurratti Leesister Siitii, Ipsiwiih Taawoniifi Saawuzaampitan kilaboota gadi bu'an Luutan Taawun, Barnileeyiifi Sheefildiin bakka bu'uun kan hirmaatan ta'a.



*Tootanhaam
Maanchister Yunaayitid*



Cheelsii